
# BARNOOTA LAMMUMMAA

## Kitaaba Barattootaa









## Kutaa 7

BARNOOTA LAMMUMMAA

# Barnoota Lammummaa

# Kitaaba Barattootaa

# Kutaa 7


## Madaqsuunn Afaan Oromootti Kan Hiikan:

1. Iyyerusaalem Garbaabaa
2. Faxxanee Bulchaa
3. Ashabbir Habtaamuu
4. Salamoon Nugusee
5. Sirriiqaa Gammachuu

## Gulaaltota Qabiyyee:

1. Mootii Dinquu
2. Hayiluu Birruu
3. Firaanol Waaqjiraa
4. Abdannaa Amanuu
5. Asmaraa Beegii

## Gulaaltota Afaanii:

1. Abdulqaadir Amaan
2. Dajanee Galataa

## Giraafiksii

Taaddasaa Dinquu

## Fakkibsaa

Buzaayyoo Girmaa

## Madaalaa Qulqullinaa:

Darajjee Mokonnin Dheeressaa

© Biiroo Barnootaa Oromiyaa, 2014/2022

**Mirgi abbummaa kitaaba kanaa seeraan eeggamaadha. Hayyama Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin ala guutummaanis ta'e gamisaan maxxansuus ta'e baay'isanii raabsuun seeraan nama gaafachiisa.**

# Baafata

**Qabiyyee** **Fuula**


**Boqonnaa 1: Lammummaa ............................................................1**

1.1. Bu'uura Lammummaa ...............................................................1
1.2. Amaloota Lammii Gaarii ..........................................................4
1.3 Barbaachisummaa Amaloota Lammii Gaarii ....................................9
1.4 Karaalee Lammummaan Ittiin Argamuufi Dhabamu ..........................12
1.5. Seera Lammummaa Itoophiyaa .................................................18

**Boqonnaa 2: Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa .................25**

2.1 Yaadrimee Mootummaa ..............................................................26
2.2. Caacculee Mootummaa ..............................................................27
2.3. Gaheewwan Bulchiinsa Mootummaa ..............................................32
2.4. Akaakuuwwan Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa ...............................37
2.5. Garaagarummaa Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa......................40

**Boqonnaa 3: Dimokiraasii ..........................................................46**

3.1. Maalummaa Dimokiraasii ..........................................................47
3.2. Madda Dimokiraasii ..................................................................49
3.3. Akaakuuwwan Dimokiraasii ........................................................50
3.4. Karaalee Dimokiraasiin Ittiin Hojiirra Oolu.....................................51
3.5. Ilaalchota Dimokiraasiin Ittiin Hubatamu ........................................55
3.6. Muuxannoowwan Dimokiraasii Xabboo .........................................56

**Boqonnaa 4: Olaantummaa Seeraa .............................................62**

4.1 Yaadrimee Olaantummaa Seeraa ..................................................63
4.2 Maddoota Seeraa .........................................................................67
4.3 Barbaachisummaa Olaantummaa Seeraa ..........................................71
4.4 Mul'istoota Kabajamuu Olaantumma Seeraa .....................................76
4.5 Olaantummaa Seeraafi Olaantummaa Nama Dhuunfaa ........................79
4.6 Danqaalee Olaantummaa Seeraa ....................................................81

**Boqonnaa 5: Mirgoota Namummaa ............................................86**

5.1 . Yaadrimee Mirgoota Namummaa ..................................................87
5.2 Amaloota Mirgoota Namummaa ........................................................88
5.3 Barbaachisummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa ........................91
5.4. Ittigaafatamummaa Eegumsa Mirgoota Namummaa ............................92
5.5. Waliigalteewwan Kabaja Mirgoota Namummaa ..................................94
5.6. Gahee Bulchiinsi Mootummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa Keessatti qabu ....................................................................97

**BOQONNAA 6: Qooda Fudhannaa Hawaasaa ........................100**

6.1 Maalummaa Qooda Fudhannaa Hawaasaa ........................................100
6.2 Barbaachisummaa Qooda Fudhannaa Hawaasaa ................................102
6.3 Faayidaawwan Tajaajila Tola Ooltummaa ..........................................104
6.4 Akaakuuwwan Qooda Fudhannaa Hawaasaa.......................................109

**Boqonnaa 7: Gadfageenyaan Yaaduu .......................................114**

7.1. Maalummaa Gadfageenyaan Yaaduu .................................................114
7.2. Barbaachisummaa Gadfageenyaan Yaaduu ........................................117
7.3. Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduu ..........................................120

# BOQONNAA 1 Lammummaa

## Seensa

Barnoota kutaa ja'affaa keessatti waa'ee lammummaafi duudhaalee isaa beekuufi hojiirra oolchuun lammii gaarii akka nama taasisuu danda`u barattee jirta. Akkasumas, walitti hidhamiinsa barnoota safuufi barnoota lammummaa giddduu jiru irrattis hubannoo gonfatteeta. Boqonnaa kana keessatti immoo maalummaa lammummaa, amaloota lammii gaariifi barbaachisummaa lammummaa baratta. Dabalataanis, akkaataa namni tokko lammummaa itti argatuufi dhabuu danda'u gadfageenyaan nibaratta. Xumurarratti, seera lammuummaa Itoophiyaa baratta.

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**

- maalummaa lammuummaa ibsuu;
- amaloota lammii gaarii adda baasuu;
- barbaachisummaa lammii gaarii himuu;
- karaalee lammummaan itti argatamuufi dhabamu tarreessuu;
- ulaagaalee seera lammummaa Itoophiyaa ibsuu.

## 1.1. Bu’uura Lammummaa

**Gahumsa barachuu yoo xiqqaate goonfatamuu qabu:**

- maalummaa lammummaa ni’ibsta;
- mirgaawwanfi dirqamota lammiiwwanii nitarreessita ;
- garaagarummaa lammiifi lammuummaa adda baasta.

1. Jecha lammummaa jedhurraa maal hubatta?
2. Garaagarummaan lammiifi lammummaa gidduu jiru maali?

Yaadrimee lammummaa ibsuun dura maalummaa lammii ilaaluun barbaachisaadha. Lammii jechuun nama miseensa guutuu biyya tokkoo ta`ee; mirgaafi dirqama seeraan murtaa’e qabudha. Lammiileen biyya tokkoo mirgaafi faayidaa mootummaadhaan tikfamu qabu. Kanaaf namni tokko lammii jedhamuuf, mirgaafi dirqama qabaachuu qaba. Fakkeenyaaf, namni lammii Itoophiyaa ta`e tokko mirga akka lammii Itoophiyaatti of ibsuu, eegumsa seeraan qabaachuufi ittigaafatamummaa kanneen akka seera biyyattii kabajuu, gibira kaffaluufi kan kana fakkaatu  niqabaata. Dabalataanis, biyya ofii diina alaa irraa eeggachuuf ittigaafatamummaa niqaabaata.



Fakkii 1.1 Ibsama Lammuummaa keessaa tokko

Lammummaan miseensummaa guutuu biyya tokkoo qabaachuudha. Haala kanaan miseensummaan kan agarsiisu hawaasa siyaasawaa keessatti miseensonni hawaasaa dirqama mootummaa irraa kan fudhataniifi mootummaanis hawaasa tiksuuf dirqama kan qabu ta'a. Kanaafuu, lammummaan eenyummaafi beekamtii seeraa qabaachuu nama tokkoo kan agarsiisudha.

## Qordhimma

Mirga lammiileen mootummarraa argachuu qaban keessaa tokko mirga carraa barnootaati. Garuu hawaasa ganda Guddattuu jedhamtu keessa jiraatan keessaa maatiin tokko daa`imman isaanii mana barumsaatti erguu irra hojiin akka isaan gargaaran barbaadu turan. Guyyaa tokko barsiisonni gara maatii kanaa deemuun daa'imman isaanii mana barnootaa galuu akka qaban hubachiisan. Haata`umalee maatiin daa'immanii kun yaada isaanii akka hinfudhanneefi ijoollee isaaniis mana barnootaatti erguu akka hinbarbaanne ittihiman. Maatiin daa'immanii kunis ijoollee kana mana barnootaatti erguurra ittifufiinsaan hojiidhaan isaan gargaaruu akka qaban murteessan.

Qordhimma armaan olitti dubbifte irratti hundaa'uun gaaffilee armaan gadii deebisi.



## Hojii garee

Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mar'adha.

1. Xumurri seenessa kanaa maal ta'uu danda'a? Maaliif?
2. Sababni maatiin daa'imman mana barnootaatti erguu dhiisaniif amansiisadhaa?
3. Mirgi barachuu daa'immanii fedhii maatii qofarratti hundaa'aa?

## 1.2. Amaloota Lammii Gaarii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- Amaloota lammii gaarii nitarreessita;
- Amaloota lammii gaarii ni'agarsiista;
- Amaloota lammii gaarii nigonfata.

1. Lammii gaarii jechuun maal jechuudha?
2. Amaloota lammii gaariin agarsiisuu qaba jettu keessa sadii maqaa dhahi?

Namni umamaan lammii gaarii yookaan badaa ta'ee hindhalatu. Amaloonni lammii gaarii barnootaafi muuxannoo maatii, hawaasa, hiriyyaafi barsiisota irra argatamuun kan horatamuudha. Amaloota lammii gaariin tokko ittiin beekamu keessaa muraasni:

- ☞ namoota biroo kabajuufi gargaaruu;
- ☞ yaada namoota biroo dhaggeeffachuu;
- ☞ namoota rakkataniifi miidhaman gargaaruu;
- ☞ miseensota hawaasaa biroo waliin waliigalteefi nagaan jiraachuu;
- ☞ yeroo hunda barachuuf fedhii qabaachuu;
- ☞ mirgaafi dirqama hawaasummaa irratti hubannoo qabaachuudha.

**Qordhimma**

Manni barnootaa Biiftuu Barii jedhamu xumura waggaa yeroo manni barnootaa cufamu sirna kabaja guyyaa firii barattootaa irratti maatiin barattootaa argamanii qooda akka fudhatan taasisa. Guyyaa kana barattoonni qabxii olaanaa galmeessuun daree keessaa sadarkaa tokkoffaa hanga sadaffaa bahan, maatiifi barattoota fuulduratti badhaasa fudhatu. Dabalataan, barattootni barnoota walmaddeessaa keessatti hirmaannaa olaanaa taasisanis nibadhaafamu. Kunis, barattoota keessatti miira waldorgommii cimaa waan uumeef barattootni hundi barnoota darees ta'e barnoota walmaddeessaa keessatti dammaqinaan akka hirmaatan taasiseera.

## Gaaffilee hubannoo

Qordhimma kana irraa waan hubattan gareen mar`achuun dareef dhiyeessaa.

Amaloota gurguddoo lammii gaariin tokko qabaachuu qabu keessaa gurguddoon:

**A. Seeraaf Ajajamuu**: Dirqama lammummaa lammii gaariin ittiin beekamu keessaa tokko seeraaf ajajamuudha. Seerri kuufama qajeelfamootaa kan hawaasni ittiin walhogganufi amala gaarii ittiin tikfatuudha. Lammii gaariin seera ittiin bulmaata mana barnootaa kan eeguufi kabaju; maatii, barsiisotaafi hangafootaaf kan ajajamuudha.-



Fakkii:1.2. Barattoota Uffata Dambii Mana Barnootaa Sirriitti Uffatan

## Gaaffii hubannoo

Barattoonni qajeelfamaafi dambii mana barnootaa yoo hinkabajan ta`e maaltu umama jettee yaadda? Hiriyaa cinaa kee jiruu waliin mari'aadhu.

**B. Ittigaafatamummaa:** Ittigaafatamummaan akka lammii tokkootti hojii irratti bobbaane tokko yookiin dirqama nurraa eegamu gahumsaan bahachuudha. Fakkeenyaaf, akka barataatti ittigaafatamummaan kee jalqabaa baraachuudha. Kanaan walqabatee hojii manaa hojjechuu, hiriyootaafi barsiisota kee kabajuun sirraa eegama. Akkasumas, akka lammii tokkootti gochawwan dogongoraa tokko yoo argite qaama dhimmi ilaallatuuf gabaasuu qabda. Dabalataanis, qulqullina naannoo eeguufi tajaajila hawaasaa keessatti hirmaachuun dirqama lammii gaarii tokkooti. Akkuma qordhimma gabaababaa armaan olii irraa hubatte barataan badhaasaaf dhiyaatu tokko ittigaafatamummaa guddaa daree keessatti qabuun alatti, hirmaannaa cimaa barnoota walmaddeessaa keessatti taasisuun badhaafama.



Fakkii:1.3. Barattoota ittigaafatamummaa isaanii bahataa jiran

## Gaaffilee hubannoo

1. Ittigaafatamummaa qabaachuu yookiin dhabuu kee maaliin beektaa?
2. Ittigaafatamummaa kee nibahattaa? Yoomiifi akkamittii?

**C. Waldanda'uu:** Waldanda`uun garaagarummaa yaadaa fudhachuun nagaan waliin jiraachuudha. Waldanda'uun namoonni biroo mirga yaada

ofii qabaachuu, waan itti amanan ibsachuu, yaada addaafi faallaa yaada keenyaa ta'e kabajuu kan nubarsiisudha. Dabalataan, waldanda'uun dandeettii garaagarummaa yaadaa, ilaalchaafi akkaataa addunyaa ittihubatan walsimsiisuun waliin jiraataniidha. Kanaaf, waldanda`uun amaloota lammiiwwan gaarii keessaa tokko yoo ta`u, lammiiwwan nagaan akka waliin jiraatan taasisa.



Fakkii:1.4. Garaagarummaa keessatti waldanda`uu

## Hojii Pirojektii:

Namootni afaan, aadaa, amantiifi sabummaa adda addaa qaban walwajjiin jiraachuun bu'aa maalii akka qabu maatiikee gaafachuun dareef dhiyeessi.

**D. Jaalala Biyyaa:** Amaloota lammii gaariin qabaachauu qabu keessaa tokko jaalala biyyaati. Namni jaalala biyyaa qabu gama hawaasummaan, siyaasaafi dinagdeen dhimma biyyaa keessatti hirmaannaa ho`aa nitaasisa. Lammiin

biyya isaa jaallatu bu'aa biyya isaaf jecha fedhii ofiin hanga wareegama lubbuu kanfaluutti nigaha. Fakkeenyaaf, Itoophiyaan gootota jaalala biyyaa qabaniifi waraana irratti lubbuu isaanii wareeganiin bilisummaa ishee eeggattee turteetti.




Fakkii:1.5. Daraartuu Tulluufi Abbabaa Biqilaa

Jaalala biyyaa tajaajila loltummaan alatti karaalee hedduun ibsuu dandeenya. Fakkeenyaaf, hirmaannaa karaalee barnootaa, qonna, fayyaa, daldala, diploomaasiifi hirmaannaa garaagaraa taasisuun agarsiisuu nidandeenya. Akka Itoophiyaattis, gootota alaabaa biyyattii waltajjii addunyaarratti olkaasanii beeksisan atileetota, artistoota, saayintistootaafi gaggeesitoota jaalala biyyaa qaban hedduun jiru.

Walumaagalatti, lammii gaariin dandeettiifi gahumsa qabu hojiin mirkaaneessuun mirgaafi ittigaafatamummaa isaa/ishee kan bahatu ta'uu ibsa dhiyaaterraa hubattee jirta. Kanaafuu, atis akka lammii Itoophiyaa tokkotti dandeettiifi gahumsa lammii gaariin qabu yeroo hunda shaakaluufi gonfachuu qabda.

**Hojii garee**

Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mari'adha

1. Amaloota namni jaalala biyyaa qabu agarsiisu tarreessi?
2. Sababootni jaalalli biyyaa akka xiqqaatu taasisan maal fa'i?
3. Itoophiyaa keessatti yoo maal hojjetame fedhiin jaalala biyyaa dabaluu danda'a jettee yaadda? Akka wal cinaa jiraanitti mari'achuun dareef ibsi.

## 1. 3 Barbaachisummaa Amaloota Lammii Gaarii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- Buu'ura lammummaa gaarii adda baasta;
- Barbachisummaa lammummaa gaarii ni'ibsta;
- Barbaachisummaa amala lammii gaariifi dhabamuu isaa wal cinaa qabuun nihimta.

**Hojii garee:**

Barattootni, barsiisotniifi hojjettootni mana barnootaakee hundi amaloota lammii gaarii hinagarsiisan yoo ta'e maaltu uumamuu danda'a? Mana barumsaa keessan fakeenyaa fudhachuun garee nama shan shan qabuun gadfageenyaan irratti mar'iachuun yaada furmaata dareef dhiyeessaa.

Amaloonni lammii gaarii, seera safuu (seera ganamaa) cimaa ta`e nama dhuunfaa keessatti uumuuf barbaachisaadha. Akkasumas, sirna dimokiraasii dagaagsuun ummanni nagaafi waliif yaaduun akka waliin jiraatu taasisa. Kana malees, hawaasa bu'a qabeessa taasisuufi sadarkaa fooyya'aa irraan ga'uuf nitajaajila. Dabalataan, garaagarummaa yaadaa namoota giddduu jiru mariin furuuf

nigargaara. Akka mana barnootaattis, barattoonni garaagarummaa ilaalchaafi yaadaa gidduu isaanii jiru kabajuun akka waliin jiraatan taasisa. Gabaabumatti, amaloonni lammii gaarii walkabajuufi walhubachuu dagaagsuun, namoonni waltumsuun galma waloofi walitti hidhaminsa qabu akka uummatan taasisa.

## Hojii manee

Gaaffii armaan gadii dhuunfaan hojjeedhu


Ati akka nama tokkootti dirqama kee bahuun; hawaasaaf fakkeenya ta'uu danda'a jettee amantaa? Haala kamiin akka ta'e ibsi?



Fakkii:1.6. Barattoota daree keessatti mari'ataa jiran

Gochaalee lammii gaarii nama taasisan keessaa loogii mormuufi haqummaa jajjabeessuu akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama. Fakkeenyaaf, namoota qoricha sammuu namaa hadoochu daldalan yookiin hanna irratti bobba'an yemmuu agartu qaama seeraatti gabaasuu qabda.Kana gochuun kee immoo nageenya hawaasaafi sirni haqaa walqixxummaa eegu akka jiraatuuf gumaacha taasisuu kee agarsiisa. Lammii gaariin karaa ittifufiinsa qabuun yaadrimee haqummaafi walqixxummaa deggaruufi jajjabeessuun namoota biroo kan gargaarudha.Lammiin kamiyyuu haqummaa qajeeltoo jireenyaa godhachuun

loogii irraa bilisa ta'ee yoo waliin hojjate walitti bu'iinsi hawaasaa xiqqaachaa deemuu danda'a.



Fakkii:1.7. Baratаа waraqaa cicciree kuusaa balfaatii alatti bittinsaa jiruufi deebii barattoota biroo

## Hojii garee

Gaaffii armaan gadii gareen mari'achuun deebiikee dareef dhiyeessi.

Barattootoota daree barnootaa keessatti waraqaa cicciruun kuusaa balfaatiin alatti gataa jiraani yoo argite maal gochuu dandeessu?

Lammii gaariin hawaasa kamiyyuu wajjin miira walkabajuu, walkunuunsuu dagaagsuufi ittigaafatamummaa fudhachuuf gargaara. Kunis walitti bu'iinsi garaagaraa karaalee amantii, afaaniifi sabummaa uumamuu danda'an akka hir'atan taasisa. Barbaachisummaa amaloota lammii gaarii keessaa kanneen armaan gadii fudhachuun nidanda`ama.

- Barattoota keessatti seera safuu cimaa bu'ureessuu
- Hawaasa gidduutti waldeeggaruufi nageenya dagaagsuu
- Biyya keenya sadarkaa fooyya'aa irra geessisuu
- Namoota yaada walfaallaa qaban gidduutti aadaa marii dagaagsuu

- Kabaja waloofi walhubannaa dagaagsuu
- Galma waloorratti waltumsuu
- Ilaalcha gaarii jajjabeessuu
- Dhimma hawaasaa irratti gadfageenyaan yaaduu
- Walqixxummaa cimsuufi loogummaa balaaleffachuu
- Namoota biroof miira walkunuunsuufi walkabajuu gonfachuu
- Ittigaafatamummaa fudhachuufi kan kana fakkaatu fa`i.

## 1.4 Karaalee Lammummaan Ittiin Argamuufi Dhabamu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- karaalee lammummaa itti argatamuu nitarreessita;
- lammummaa karaalee dhalootafi hiddaa dhalootaa argamu adda nibaafatta;
- lammummaa biyyaa biro karalee itti argamu ni'ibsita.

### Gaaffii hubannoo

Lammummaan karaa kamiin argamuufi dhabamuu danda'a jetta?


Lammummaan kan jiraatu namni tokko seera lammummaa guutee miseensa biyya tokkoo yoo ta'eedha. Namni kamiyyuu miseensa biyya tokkoo ta'uu kan danda'u immoo akkaataa seera biyya sanaatiinidha. Kanaaf, lammummaan miseensummaa lammii biyyaa ta'uun qofaan kan argamudha. Qajeeltoowwan waliigalaafi seerotni idil-addunyaa dhimmi lammiin walqabate gahee mootummootaa ta'uu ibsa. Kanaafuu, biyyoonni garaagaraa adeemsaafi qajeeltoowwan adda addaa gargaramuun lammummaa kennuufi dhorkuu danda'u. Kanatti aansee; karaalee namni tokko lammummaa biyya tokkoo argachuufi dhabuu danda'u ilaalla.

### 1.4.1. Karaalee Lammummaan Ittiin Argamu

Akkuma jalqaba barannoo kanarratti ibsame namni tokko lammummaa biyya tokkoo kan argatu akkaataa seera ittiin bulmaata biyya tokkootiinidha. Adeemsi lammummaa itti argatan biyyaa biyyatti garaagara ta`uu danda`a. Haata'u malee, karaalee lammummaan ittiin argamu keessaa ijoon kanneen armaan gadiiti.

**A. Lammummaa Karaa Dhalootaa Argamu:** Lammummaan dhalootaan argamu lammummaa umamaan argamudha. Lammummaan akkasii ulaagaalee hawaasummaafi siyaasaa irratti hinhundaa`u. Lammummaan dhalootaa akaakuu lamatti qoodama. Isaanis: lammummaa bakka dhalootaafi lammummaa hidda dhalootaati.

1. **Lammummaa Bakka Dhalootaan Argamu:** Lammummaan bakka dhalootaa karaalee lammummaan ittiin argamu keessaa isa bal'aafi biyyoonni hedduun ittifayyadamaniidha. Akka yaada kanaatti namni kamiyyuu daangaa biyya tokkoo keessatti yoo dhalate battalumatti lammii biyya sanaa ta'a jechuudha. As keessatti lammummaan maatii ilaalcha keessa hingalu. Lammummaan kun mirga abbaa biyyummaa agarsiisa.




Fakkii:1.8 Lammummaa bakka dhalootaan argamu

2. **Lammummaa Hidda Dhalootaan Argamu:** Namni tokko lammummaa biyya tokkoo karaa hidda dhaloota abbaa, haadhaa yookiin lamaan

isaaniirratti hundaa'uun argachuu danda'a. Kunis mirga lammummaa dhiigaan argachuu agarsiisa. Lammummaan kun bakka daa'imni ittidhalateen osoo hindaanga'in lammummaa maatii isaatiin/isheetiin kan murtaa'u ta'uu ibsa.



Fakkii:1.9 Lammummaa hidda dhalootaan argamu

## B. Lammummaa Karaa Seeraan Argamu:

Namni lammii biyya alaa ta'e/taate tokko adeemsa seeraa hordofuun lammummaa biyya biraa argachuu danda'a/dandeessi. Kunis, karaa namni lammummaa biyya biroo qabu fedhii isaan/isheen iyyannoo biyya biraatti dhiyeeffachuun lammummaa argachuu ittidanda'u jechuudha. Adeemsa lammummaa karaa seeraan ittiin argamuu danda'u keessaa gurguddoon lammummaan karaa gaa'elaafi lammummaan karaa guddifachaan argamudha.

### 1. Lammummaa Karaa Gaa'elaa

Namni lammii biyya tokkoo ta`e lammii biyya biroo waliin gaa`ila yoo raawwate lammummaa biyya sanaa seeraan gaafachuufi argachuu nidanda`a.



Fakkii:1.10 Lammummaa seeraa karaa gaa`ilaan argamu

## 2. Lammummaa Karaa Guddifachaa

Namni tokko yookaan abbaa manaafi haati manaa daa'ima biyya birootti dhalate tokko seeraan guddisuuf akkasumas lammummaa biyya isaanii akka argatu gochuuf dursanii ulaagaalee seeraa armaan gadii hordofuun raawwachuu qabu. Ulaagaaleen kunniinis:

- namni daa'ima guddifachuuf fudhatu; lammummaa biyya tokkoo qabaachuun dirqama;
- daa'imni guddifatamu umriin isaa/ishee waggaa 18 gadi ta'uu qaba;
- daa'imni kun lammummaa biyya irraa guddifachaan fudhatamee qabaachuu qaba.



Fakkii:1.11 Daa'ima guddifachaan fudhatame

**Hojii garee**

Gaaffii armaan gadii irratti gareen mari'achuun deebii kenna

Garaagarummaan lammummaa karaa dhalootaafi lammummaa karaa seeraa argachuu gidduu jiru maali?

## 1.4.2 Karaalee Lammummaan Ittidhabamu

**Gaaffii hubannoo**

Namni tokko akkamitti lammummaa dhabuu danda'a?

Lammummaan karaa adda addaan argamuu akkuma danda'u, karaa garagaraan dhabamuu nidanda'a. Namni tokko lammummaa dhabe jechuun seeraan lammii biyya sanaa miti jechuudha. Biyyi ati keessa jiraattu mirga lammummaa yoo sidhorkate; lammummaa dhabdee jirta jechuudha. Adeemsi lammummaan ittiin dhabamu akkuma adeemsa lammummaa argachuu seera biyyootaa irratti kan hundaa`udha. Lammummaan haalota lamaan dhabamuu danda'a. Isaanis:

## A. Fedhiin Lammummaa Deebisuu

Fedhiidhaan lammummaa deebisuun gocha namni tokko ittiyaadee lammummaa isaa/ishee ofirraa deebisu/deebistudha. Namni tokko murtii mataa isaatiin/isheetiin lammummaa isaa/ishee kaasuu nidanda'a/dandeessi. Kunis, adeemsa seeraa biyyattiin qabdu hordofuun kan raawwatamudha.

Marii garee:

Namni tokko sababa maaliif fedhiin lammummaa deebisuu akka qabu irratti mari'achuun deebii kenna.

## B. Lammummaan Mulqamuu

Biyyi kamiyyuu seera ittiin bulmaata mataa isaa qaba. Namni tokko ulaagaa seerri irraa barbaadu guutuu yoo dadhabe lammummaan isaa/ishee irraa mulqamuu danda'a. Tarkaanfiin kun ammoo, battalumatti kan fudhatamu osoo hintaane, adeemsa garagaraa keessa darbuun raawwatama.Gochaaleen mirga lammummaa irraa mulqisiisuu danda'an biyyaa biyyatti garaagarummaa kan qaban yoo ta'ellee, kanneen armaan gadii akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda`ama.

- ☞ Icciitii biyyaa dabarsanii diina alaaf kennuu
- ☞ Diina alaa waliin ta`uun biyya ofii waraanuufi kanneen kana fakkaatanidha.

## 1.5. Seera Lammummaa Itoophiyaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- lammummaan Itoophiya karaa itti argamuu fi dhabamuu danda'u nihimta;
- lammummaa biyya biraa qabacha haaloota lammummaa Itoophiya argachuuf barbachisan ni'ibsa;
- karaa lammummaan Itoophiyaa ittimulqamuu danda'uu adda nibaafata.

### Gaaffii hubannoo

Ati lammummaa Itoophiyaa akkamitti argatte?

Itoophiyaan biyyoota seera lammummaa mataa isaanii qaban keessaa tokkodha. Itoophiyaan seera lammummaa barreeffamaan bara 1930tti hojiirra oolchite. Sana dura lammummaan haala aadaatiin ibsama ture. Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippabilika Itoophiyaa bara1995 bahe yaadota bu'uuraa lammummaa kan ofkeessatti qabatedha. Akka keeyyata 6ffaa heera kanaatti, namni kamiyyuu dubaras ta'e dhiira karaa gam-tokkeen yookiin karaa lamaanuu maatii lammii Itoophiyaa ta'an yookaan ta'e irraa dhalate/ttee lammii Itoophiyaati jedha. Heerichi mirga namni tokko lammummaa Itoophiyaa karaa hidda dhalootaa yookaan dhiigaa akka argatu beekamtii kan kennudha. Labsiin waliigalaa lammummaa biyya biraa qabaachuu, Heera MFDRI keessatti dabalameera. Ulaagaaleen lammummaa Itoophiyaa labsii lammummaa biyyoleessa Itoophiyaa lakk.378/2003 tiin ibsameera.

Akka labsiin lammummaa Itoophiyaa lakkoofsa 378/2003 jedhutti lammummaan dhalootaa Itoophiyaa kan gonfatamu karaa hidda dhalootaan yoo ta'u; lammummaan bakka dhalootaa bu'ureeffate garuu Itoophiyaa keessatti akka bakka hinqabne ibsa.

Haata'u malee, labsiin kun lammummaan Itoophiyaa seeraan argamu ulaagaalee armaan gadii guutuun kan raawwatu ta'uu addeessa. Namni lammii biyya alaa ta'ee lammummaa Itoophiyaa argachuu barbaadu tokko ulaagaalee armaan gadii guutuun dirqama. Isaanis:

a. Umrii seerri lammummaa Itoophiyaa gaafatu guutuu;
b. Osoo gaaffii lammummaa hindhiyeeessiin dura yoo xiqqaate waggoota afuriif Itoophiyaa keessa jiraachuu;
c. Afaanota sabootni, sab-lammootniifi ummattootni Itoophiyaa dubbatan keessaa yoo xiqqate tokko danda'uu;
d. Galii gahaafi seera qabeessa maatii ittiin jiraachisuu danda'u/deessu qabaachuu;
e. Naamusa gaarii qabaachuu;
f. Galmee yakkaa kan hinqabne ta'uu;
g. Lammummaa duraan qabu/du deebisuufi lammummaa biyya biraa kan hinqabne ta'uun ragaa dhiyeeffachuu;
h. Haala labsii lammummaa biyyattii keewwata 12 keessatti ibsameen seera biyyattii kabajuuf kakuu galuu.

Dabalataanis, namoota biyya alaa gumaacha addaa Itoophiyaaf taasisaniif bifa addaatiin lammummaan kabajaa kennamuu danda'a. Kanaafuu, ulaagaa seeraa lammummaan ittiin kennamu osoo hinhordofiin gumaacha fedhii biyyoolessaa Itoophiyaatiif taasisuun; lammummaan kabajaa seeraan kennamuu danda'a jechuudha.

## Hojii Pirojektii:

Itoophiyaa keessatti nama lammii biyya alaa ta'ee gumaacha guddaa taasisuun lammummaan kabajaa Itoophiyaa kennameef beektaa? Maatiifi barsiisotakee gaaffachuun odeeffannoo argattee dareef dhiyeessi.

Gama biraatiin karaaleen lammummaa Itoophiyaa nama dhabsiisuu danda'an labsii lakk. 378/2003 kana jalatti kaa'ameera. Akkaataa labsii kanaatti, nama lammii Itoophiyaa ta'e yookaan taate tokko irraa fedhii isaa/isheetiin alatti, yookaan lammummaa biyya biraa yoo argate/te malee lammummaan Itoophiyaa irraa mulqamuu hindanda'u.

Bu'uura heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaablikaa Itoophiyaa keeyyata 33(1) jalatti ibsameenis, lammiin Itoophiyaa kamiyyuu fedhiifi filannoo isaa/isheen alatti lammummaan irraa mulqamuun kan hindanda'amne ta'uu addeessa.

## Gilgaala

### Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun dhiyeessa

Daa'imni tokko haadha lammii Itoophiyaa taateefi abbaa lammii Ameerikaa irraa biyya Faransaayitti yoo dhalatte lammummaa Itoophiyaa argachuu nidandeessii? Haala kamiin? Seera lammummaa Itoophiyaa irratti hundaa'uun gaaffii kana irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## Guduunfaa

Lammii jechuun nama biyya tokko keessatti mirgaafi dirqama guutuu seeraan murtaa'e qabuudha. Lammileen mirgaafi faayidaa murtaa'aa ta'e karaa mootummaatiin argachuu danda'u. Lammiileen eegumsa mootummaa irraa argachuuf dirqama seera biyyattii kabajuu qabu. Lammummaan beekamtii seerummaa argachuufi eenyummaa dhuunfaatiif beekamtii kennuudha.

Maatiin, hawaasni, firootniifi barsiisonni waa'ee amaloota lammii gaarii dhaloota barsiisuu keessatti gahee guddaa qabu. Lammii gaariin kan namoota kabaju, gargaaruufi namoota biroof yaadu ta'uu qaba. Akkasumas, yaada namoota biroo kan dhaggeeffatu, nama hawaasa waliin nagaan jiraatuufi yeroo hunda barachuuf ofqopheessu ta`uu qaba.

Barattoonni amaloota lammii garii yeroo barataniifi shaakalan warreen ilaalcha isaanii irraa adda ta'an waliin yaada waloo qabaachuu qabu. Kanaafuu, ati akka lammii gaarii tokkootti haala mijataa mana barnootaafi hawaasa hundaaf ta'u uumuu keessatti gahee olaanaa niqabaatta.

Namni kamiyyuu miseensa biyya tokkoo ta'uuf adeemsa seeraa guutuu qaba. Akka waliigalaatti, seerri idila-addunyaa biyyoonni kamiyyuu lammummaa seeraa mataa isaanii qabaachuu akka danda'an agarsiisa. Haaluma kanaan seerri lammummaan ittiin argamuufi dhabamuu danda'u biyyaa biyyatti garaagarummaa qaba.

Itoophiyaan seera lammummaa qabaachuun warreen jalqabaa keessatti ramadamti. Itoophiyaan yeroo jalqabaaf barreeffamaan seera lammummaa bara 1930tti hojiirra oolchite. Isa dura lammummaan karaa aadaatiin hojii irra oolaa ture. Heerri Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippaablikaa Itoophiyaa bara1995 bahe yeroo ammaatti yaada ijoo waa'ee lammummaa kan

addeessuudha. Akka keeyyatni 6ffaa heerichaa ibsutti namni kamiyyuu karaa gamtokkeen yookiin karaa lamaanuu maatii lammii Itoophiyaa ta'an irraa dhalate/tee lammii Itoophiyaati. Heerri kun mirga namni tokko lammummaa Itoophiyaa karaa hidda dhalootaa yookiin dhiigaa akka argatu beekamtii kan kenneedha.

## Hiika Jechootaa

- **Lammii-** nama miseensa guutuu biyya tokkoo ta`ee mirgaafi dirqama seeraan murtaa'e qabudha.
- **Lammummaa-** miseensummaa guutuu biyya tokkoo qabaachuudha.
- **Seera Lammummaa-** seera biyyoonni lammummaa kennuufi irraa fudhachuuf akka ulaagaatti fayyadamanidha.
- **HMFDRI-**Heera Mootummaa Fedeeraalawwaa Dimokraatika Rippaabliika Itoophiyaa
- **Heera-** seera olaanaa biyya tokkooti
- **Jaalala biyyaa-** quuqamaafi amanamummaa namni tokko biyya isaatiif qabudha.
- **Ittigaafatamummmaa-** waan raawwatan hundaaf abbummaa fudhachuudha.
- **Waldanda`uu-** garaagarummaa jiru obsaan waliif fudhachuudha.
- **Qordhimma-** qo`annoofi seenessa dhimmi waantokkoo argisiisu.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'an "Dhugaa" yoo sirrii hintaane "Soba" jedhii deebisi.**

1. Lammii jechuun nama mirga malee dirqama hinqabnedha.
2. Namni tokko lammii gaarii ta`uuf ittigaafatamummaan kan ittihindhagahamne ta`uu qaba. Lammii gaariin nama ittigaafatamummaan itti hindhagahamnedha.
3. Biyyoonni hundi seeraa lammummaa walfakkaataa ta`e qabu.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa lammummaa ilaalchisee kamtu dhugaadha?
   A. Seera irratti kan hundaa`udha.
   B. Miseensa guutuu biyya tokkoo kan mirgaafi ittigaafatamummaa qabudha.
   C. Lammiin nama lammummaa argatedha.
   D. Hunda.
2. Kanneen armaan gadii keessaa amala lammii gaarii kan hintaane kami?
   A. Hojii dogongoraa kamiyyuu saaxiluu
   B. Faayidaa biyyaaf jecha fedhiin wareegama kanfaluu
   C. Namoota biroof kabaja kennuu dhabuu
   D. Qajeeltoowwan dimokiraasii deeggaruu
3. Hawaasa heddumina qabu keessatti nageenya amansiisaa mirkaneessuuf murteessaa kan ta'e kami?
   A. Hubannoo dogoggoraa
   B. Waldanda'uu
   C. Walmiidhuu
   **D. Waltuffachuu**

**Kutaa III: Karaa lammummaan ittiin argatamu toora 'A' jalatti tarreeffamee jiru kanneen toora 'B' jala jiran waliin walitti firoomsi**

| | A | | B |
|---|---|---|---|
| 1 | Mirga abbaa biyyummaa | A | Lammummaa karaa gaa'ilaa |
| 2 | Qajeeltoo mirga dhiigaan | B | Lammummaa karaa guddifachaa |
| 3 | Lammiin biyya alaa sababa fuudhaafi heerumaan lammummaa argatu | C | Lammummaa karaa bakka dhalootaa |
| 4 | Lammummaa namni dhuunfaa tokko<br><br>seeraan guddisuun argamu | D | Fedhii ofii malee lammummaa dhabuu |
| | | F | Lammummaa karaa hidda dhalootaa |

**Kutaa IV: Gaaffii armaan gadiif deebii sirrii ta'e gabaabsii barreessi.**

1. Barbaachisummaa amaloota lammii gaarii keessaa afur barreessi.

# BOQONNAA 2

# Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa

## Seensa

Boqonnaa tokkoffaa darbe keessatti yaadrimeefi qajeeltoowwan lammummaan walqabatan baratteetta. Boqonnaa kana keessatti immoo yaadrimee mootummaa, bulchiinsa mootummaafi caacculee bu'uuraa mootummaa baratta. Dabalataanis, gaheewwaniifi akaakuuwwan bulchiinsa mootummaa, walitti dhufeenyaafi garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa baratta.

### Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:

- yaadrimee mootummaa ibsuu;
- caacculee mootummaa adda baafachuu;
- gaheewwan bulchiinsa mootummaa tarreessuu;
- garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa ibsuu.

## 2.1 Yaadrimee Mootummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- maalummaa mootummaa ni'ibsita;
- fakkeenya mootummaa nikennita;
- Itoophiyaan mootummaa ta'uufi dhiisuu ishee adda nibaasta.

### Gaaffii hubannoo

Mootummaa jechuun maal jechuudha?

Mootummaa jechuun hawaasa siyaasaan gurmaa'ee hoggansa tokkoon buluufi daangaa murtaa`e keessa birmadummaan jiraatudha. Haaluma kanaan, mootummaan hawaasa siyaasaa karaa seera qabeessa ta'een hundaa'eefi bulchiinsa mootummaatiin hoogganamudha. Kanaafuu, mootummaan ummata waliin jiraatu, lafa daangaa sadarkaa addunyaalessatti beekamtii qabu, bulchiinsa mootummaa ummata isaaf ittigaafatamummaa qabuufi birmadummaan keessaafi alaa kan mirkanaa'e ofkeessatti qabata. Mootummaan eegumsa nageenyaafi fedhiiwwan bu'uuraa lammii isaa guutuu irratti kan bu'uureeffateedha.

Galmi guddaan hundeeffama mootummaa seeratti gargaaramuun walitti bu'iinsa namoota gidduu jiru furuun nagaa fiduudha. Yeroo ammaa kana akka addunyaatti mootummoota dhibba lamaa ol jiran keessaa biyyi keenya Itoophiyaan ishee tokko yoo taatu, birmadummaa ishee eeggattee kan turteedha.

### Hojii garee:

Gaaffii armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

Fakkeenya Mootummoota Afirikaafi addunyaa tarreessuun dhiyeessaa.




Fakkii 2.1 Kaartaa Mootummoota Addunyaa Agarsiisu

## 2.2. Caacculee Mootummaa


**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- caacculee mootummaa nitarreessita;
- caacculeen mootummaa jiraachuun mootummaaf bu'uura ta'uu isaa ni'ibsita;
- caacculee mootummaa keessaa tokko yoo hafe maaltu akka ta'u nitilmaamta.

### Gaaffii hubannoo

Caacculeen mootummaa eenyufaadha?

Mootummaan waliigalaan caacculee bu'uuraa kanneen akka ummataa, lafa daanga'e, bulchiinsaafi birmadummaa qabaachuudhaan ibsama.




Fakkii:2.2  Caacculee Mootummaa

## 2.2.1 Ummata

**Marii garee:**

Gaaffii armaan gadiirratti gareen mari'achuun ibsaa.

Itoophiyaan biyyaa sab-daneettii akka jedhamtu maaltu taasise?

Ummatnii caacculee mootummaa keessaa isa tokkodha.Mootummaa hundeessuuf baay'inni ummataa barbaachisu dhaabbataa miti. Mootummaan ummata sabummaa, amantii, afaaniifi aadaa adda addaa qaban yookaan ummata eenyummaa walfakkaataa qaban irraa ijaaramuu danda`a. Kanaafuu, ummata malee mootummaan jiraachuu hindanda'u.



Fakkii:2.3 Sabdaneessummaa ummattoota Itoophiyaa

### 2.2.2 Lafa Daanga'aa

**Hoji-manee:**

Gaaffii biyyoota Itoophiyaa dangeessan dhuunfaan tarreessuun dareef dhiyeessi.

Biyyootni Kallattii Kaabaa, Kibbaa, Bahaafi Lixaan Itoophiyaa daangessaan kam fa'i? Dhuunfaan hojjechuun dhiyeessi.

Caacculee mootummaa keessaa inni biraan lafa daanga'aa sadarkaa idil-addunyaatti beekamtii qabu qabaachuudha. Kunis, mootummaan kamiyyuu daangaa murtaa'aa malee jiraachuu hindanda'u jechuudha. Ummatni hawaasummaafi siyaasaan gurmaa'ee jiraachuuf lafti daanga'e jiraachuun barbaachisaadha. Bal'inniifi dhiphinni lafa biyya tokkoo hundeeffama mootummaatiif murteessaa miti. Kanaaf immoo, biyya daangaa lafaa xiqqaa qabdu Magaalaa Vaatikaaniifi biyya daangaa lafaa bal'aa qabdu Raashiyaa akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeenya. Mootummaan daangaa bulchiinsa isaa keessatti, sochiilee siyaasaa, dinagdeefi hawaassummaa taasifamu hundaa to'ata.

Biyyi keenya Itoophiyaanis biyyoota daangaa murtaa’aa qaban keessaa tokkodha. Biyyootni Itoophiyaa daangessanis kaabaan Ertiriyaa, kaaba bahaan  Jibuutii, bahaan Somaaliyaa, kibbaan Keenyaa yommuu ta’an, Sudaan Kibbaafi Sudaan kaabaa immoo dhihaan daangessu.




Fakkii:2.4 Daangaa Itoophiyaan Biyyoota Ollaa Waliin qabdu

## 2.2.3. Bulchiinsa Mootummaa



### Gaaffii hubannoo

Bulchiinsa mootummaa jechuun maal jechuudha?

Bulchiinsi mootummaa caacculee mootummaa keessaa tokko ta`ee, mootummaa bakka bu’uun kan ummata tajaajiluudha. Kanaaf, mootummaan bulchiinsa malee jiraachuu hindanda’u.  Bulchiinsi mootummaa qaama hojii mootummaa hojjetuu ta’ee, aangoo seera tumuu, raawwachiisuufi hiikuu kan qabudha.

## 2.2.4. Birmadummaa

**Marii garee:**

Birmadummaa biyyaa ilaachisee gareen mari'achuun dareef gabaasaa.

Birmadummaan biyyaa maali? gareen bal'inaan irratti mari'achuun ibsaa.

Birmadummaan caacculee mootummaa keessaa tokko ta'ee biyyi tokko giddu seentummaa biyya biraa irraa bilisa ta'uu ishee kan agarsiisuudha. Birmadummaan bifoota keessoofi alaan ibsama. Birmadummaan keessoo walabummaa aangoo biyya keessatti biyyoonni qaban kan agarsiisu yoo ta'u; birmadummaan alaa immoo biyyootni ofdada'oon fedhii keessoo isaanii irratti hundaa`anii hariiroo biyyoota biroo waliin akka qabaatan kan taasisuudha. Biyyoonni birmadummaa keessoo qaban aangoofi dandeettii hawaasa isaanii irratti hoggansa kennuu qabu. Birmadummaan alaa biyyi tokko fedhii, dhiibbaafi gidduseentummaa biyyootaafi qaamota biroo irraa walaba ta'uu agarsiisa.

**Qordhimma**

Birmadummaan Itoophiyaa yeroo dheeraaf eegamee kan ture seerri addunyaa waan jiruuf qofa osoo hintaane aarsaa saboonni, sablammootniifi ummattootni biyyattii kaffalaa turaniinidha. Seenaa keessatti gootonni Itoophiyaa weerartoonni alaa birmadummaa ishee sarbuuf yeroo yaalan dirree waraanaa adda addaatti dura dhaabbachuun injifannoo boonsaa galmeessaa turaniiru. Kanarraa kan ka'e, Itoophiyaan birmadummaa ishee waan kabachiiftee turteef guyyaa injifannoo kabajatti.

### Marii garee

Gaaffilee armaan gadii gareen irratti mari'achuun dareef dhiyeessaa.

1. Caacculee mootummaa gurguddoo jiran tarreessuun ibsa itti kennaa.
2. Gootota birmaddummaa biyya isaanii kabachiisuuf jecha wareegama lubbuu kaffalan maatiikee gaafachuunn dareef dhiyeessaa.
3. Qaamolee bulchiinsa mootummaa sadan gahee isaanii waliin ibsaa.
4. Biyya tokko keessatti bulchiinsi mootummaa yoo hinjiraanne rakkoo uumamuu danda'u irratti ibsa kennaa.

## 2.3. Gaheewwan Bulchiinsa Mootummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- gahee bulchiinsa mootummaa ni'ibsita;
- barbaachisummaa bulchiinsa mootummaa diimookiraataa nihimta;
- bulchiinsi mootummaa dimookiraatawaa gahee fedhii lammiilee guutuuf qabu nitarreesita.

### Gaaffii hubannoo

Gaheewwan bulchiinsa mootummaa maal fa'i?

Bulchiinsi mootumaa akka qaama biyya hogganuutti gaheewwan adda addaa irraa eegamu qaba. Gaheewwan kanneen bahachuudhaaf murtii lammiilee biyyattii hunda bitu kennuutu irraa eegama. Gaheen bulchiinsa mootummaa biyyaa biyyatti adda addummaa kan qabu ta'ullee kanneen armaan gadii immoo isaan ijoodha.

- ☞ Seeraafi sirna eeguu
- ☞ Tajaajila ummataa dhiyeessuu

- Nageenya biyyoolessaa tiksuu
- Murtii dinagdee kennuudha

Kanatti aansuun, gaheewwan bulchiinsa mootummaa armaan olitti ibsaman gadifageenyaan ilaalla.

### 2.3.1 Seeraafi Sirna Eegsisuu

Marii garee:

Gaaffii bulchiinsa mootummaa dimokiraatawaa irratti gareen mar'achuun dareef dhiyeessaa.

Bulchiinsi mootummaa dimokiraatawaan tasgabbii hawaasaa mirkaneessuuf gahee maalii taphachuu qaba?

Gaheewwaniifi galma barbaachisaan bulchiinsa mootummaa dimokiraatawaa keessaa inni tokko seeraafi sirna kabachiisuudha. Kana milkeessuuf seerota gochaalee hawaasaa qajeelchuufi bitu tumuun barbaachisaadha. Seeronni bulchiinsa mootummaan tumaman nageenya, mirgoota, qabeenyaafi jireenya ummataa eeguuf gargaaru.

Bulchiinsi mootummaa dimokiraatawaa waldhabdee hawaasa keessatti uumamu furuufi nageenya hawaasaa tasgabeessuuf tooftaalee adda addaatti dhimma baha. Kunis, dhaabbilee akka mannneen murtii gargaaramuun lammiileen walitti bu'iinsa isaanii yeroofi sirnaan akka furatan taasisa. Haaluma kanaan walitti bu'iinsa namoota gidduutti mudatu to'achuu yookaan dhaabsisuufi gochaalee namoonni dhuunfaan akka hojjetanniif hayyamamuufi hinhayyamamne irrattille dhorkaa kaa'a.



Fakkii:2.6 Poolisiin seerafi sirna yeroo kabachiisuu

## 2.3.2 Tajaajila Hawaasummaa Dhiheessuu

 **Gaaffii hubannoo:**

Tajaajila bulchiinsi mootummaa ummataaf dhiyeessu keessaa muraasa maqaa dhahi.

Gaheen bulchiinsa mootummaa inni biroon, tajaajila ummataa jireenya hawaasa waliigalaa fooyyessuu danda'an dhiyeessuudha. Bulchiinsi mootummaa ummata daangaa isaa jala keessa jiraniif kallattii adda addaan tajaajila kennuufiif ittigaafatamummaa qaba. Dhaabbileen miti mootummaas ummataaf deeggarsa akka taasisan haala mijeessa.

Tajaajilli ummataa mirgoota dhala namaa kanneen bu'uuraa waliin kan walitti hidhatu ta'ee, tajaajiloota kanneen akka ittisa balaa ibiddaa, seera hojiirra oolchuu, eegumsa naannoo, tajaajila mana jireenyaa, barnootaa, fayyaa, ibsaafi geejjiba ummataafi kan kana fakkaatu ofkeessatti hammata.



Fakkii:2.7 kenniinsa tajaajila ummataa agarsiisu

### 2.3.3 Nageenya Biyyoolessaa Eeguu

**Hojii garee:**

Garee nama lama lama qabuun mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Itoophiyaan biyyoota biroon akka hinweeraramne tiksuun gahee eenyuuti?

Gaheewwan bulchiinsa mootummaa irraa eegaman keessaa tokko ittisa biyyaa qabaachuufi nageenya lammiilee isaa kabajuufi kabachiisuudha. Bulchiinsi mootummaa sodaa nageenyaa alaafi keessaan jiru ittisuuf dirqama qaba. Kanaafuu, tokkoon tokkoon biyyoota birmadummaa qabanii nageenya biyyoolessaa eegsisuun dhimma dursa kennuufii qabanidha. Kana waan ta`eef, bulchiinsi

mootummaa humna ittisa biyyaa hundeessuun; hidhannoo waraanaa guutuufi bobbii waraanaa gaggeessuu akkasumas ergama nagaa eegsisuu fudhachuufi bahuun gahee bulchiinsa mootummaa irraa eegamudha. Mootummaan akkuma nageenya biyyoolessaa eegu hariiroo gaarii biyyoota alaa waliin qabaachuutu irraa eegama.



Fakkii:2.8 Tika biyyoolesaa Itoophiyaa

### 2.3.4 Kallattii Diinagdee Qajeelchuu

 **Gaaffii hubannoo:**

Dinagdee qajeelchuu jechuun maal jechuudha?

Gaheen bulchiinsa mootummaa inni biraan kallattii dinagdee hordofamuu qabu qajeelchuudha. Biyyi fedhii yookaan hawwii lammiilee ishee gama hundaan guuttatte hinjirtu. Bulchiinsi mootummaa guddina dinagdeefi tasgabbii cimsuuf

jecha; qaala'iinsa jireenyaa to'achuu, daldala jajjabeessuufi misooma qabeenya uumamaa hogganuu irratti nihojjeta. Dabalataan, labsiiwwan adda addaa dhimma dinagdee biyyaa ittiin qajeelchuu nibaasa.



Fakkii:2.9 Hidhaa Haaromsaa Laga Abbayyaa

## 2.4. Akaakuuwwan Sirnoota Bulchiinsa Mootummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- akaakuuwwan bulchiinsa mootummaa bu'uura ta'an adda baasta;
- garaagarummaa bulchiinsa mootummaa gonfoofi aristookiraasii nitarreesita;
- qajeelfamoota bu'uuraa bulchiinsa mootummaa diimookiraatawaa ni'ibsita.

### Gaaffii hubannoo:

Akaakuuwwan sirnoota bulchiinsa mootummaa maqaa dhahi.

Sirni bulchiinsa mootummaa akaakuuwwan adda addaa qaba. Akaakuuwwan sirnoota bulchiinsa mootummaa kunneenis kanneen armaan gadii ta'u.

### 2.4.1 Sirna Bulchiinsa Mootummaa Gonfoo

**Hojii daree:**

Sirna bulchiinsa mootummaa gonfoo irratti gareen mari'adhaa.

Biyyoota sirna bulchiinsa mootummaa gonfootiin bulaa jiran keessaa fakkeenya muraasa kennaa.

Bulchiinsi mootummaa gonfoo akaakuu bulchiinsa mootummaa ta`ee, kan aangoon mootii harka jiruufi dhaala sanyiin darbudha. Akaakuu sirna bulchiinsa mootummaa akkanaa keessatti aangoon biyya bulchuu dhaalaan daddarba.

### 2.4.2 Sirna Bulchiinsa Mootummaa Aristookiraasii

**Hojii manee :**

Gaaffii armaan gaditti dhiyaate dhuunfaan hojjechuun dareef ibsi.

Sirni bulchiinsa mootummaa Aristookiraasii akaakuu bulchiinsaa akkamiiti jettee yaadda?

Sirni bulchiinsa mootummaa Aristookiraasii akaakuu sirna bulchiinsa mootummaa ta'ee kan garee beektootaa muraasa ta'aniin hogganamudha. Sirni bulchiinsaa kun fedhii garee muraasaa kanneen baratan irratti kan hundaa'edha.

### 2.4.3 Sirna Bulchiinsa Mootummaa Abbaa Irree

**Gaaffii hubannoo**

Sirni bulchiinsa mootummaa abbaa irree sirna akkamiiti?

Sirna bulchiinsa mootummaa abbaa irree keessatti aangoon daangaa kan hinqabneefi harka nama dhuunfaa yookaan garee namoota muraasaa jiraachuu kan agarsiisudha. Sirna kana keessatti aangoon bulchiinsa mootummaa humnaan tikfama. Irra jireessi bulchiinsa mootummaa abbaa irree sirna awutoriteeriyaaniifi tootaliteeriyaanii keessatti mul'ata.



**Hitiler(1889-1945) Jarmanii** **Mosoloonii(1883-1945) Xaaliyaanii** **Mangistuu H/Mariyaam**

Fakkii:2.10 Fakkeenya Bulchitoota Abbaa Irree

## 2.4.4. Sirna Bulchiisa Mootummaa Dimokiraatawaa

### Gaaffii hubannoo

Sirna Bulchiinsa mootummaa dimokiraatawaa jechuun maal jechuudha?

Sirni bulchiinsi mootummaa dimookiraatawaa akaakuu bulchiinsa mootummaa ta'ee kan lammiileen murtoo siyaasaa kennuu keessatti qooda fudhatanidha. Akaakuu bulchiinsa mootummaa biroo irraa kan adda taasisu amaloota dimokiraasii qabatamaan hojiirra oolchuu isaati. Dimokiraasii keessatti, mootummaan walqixxummaa lammiilee fiduuf carraaqqii waan taasisuuf namni kamiyyuu carraa guddachuu walqixa qaba. Bakka dimokiraasiin hojiirra oolee jirutti filannoo walabaafi ifa ta'etu geggeeffama. Lammiileen umurii filachuu irra

gahan hundi akkaataa biyyi itti hoogganamu irratti yaada isaanii kennuufi karaa bakka bu'oota isaanii sagalee isaanii dhageessisuu danda'u. Kun dimokiraasii ilaalchisee yaada seensaa qofa yommuu ta'u; bal'inni isaa boqonnaa itti aanu keessatti dhiyaata.



Fakkii:2.11 Nelsan Mandeellaa(1918-2013)

## 2.5. Garaagarummaa Mootummaafi Bulchiinsa Mootummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- garaagarummaa mootummaafi bulchiinsa mootummaa adda baasta;
- bulchiinsi mootummaa caacculee mootummaa keessaa tokko ta'uu isaa ni'ibsita.

Garaagarummaan mootummaafi bulchiinsa mootummaa maali?

Namootni mootummaafi bulchiinsa mootummaa akka waan tokko ta'anitti waljijjiiruun ittifayyadamu. Haata'u malee, mootummaafi bulchiinsa mootummaa garaagarummaa guddaa qabu. Bulchiinsi mootummaa qaama mul'ataa mootumma tokko bakka bu'uun biyya geggeessudha. Fakkeenyaaf,

mootummaa Itoophiyaa yeroo jennu, biyya Itoophiyaa ishee hunda hammattu jechuu keenyadha. Karaa biraan, bulchiinsa mootummaa Itoophiyaa yommuu jennu, qaamolee bulchiinsa mootummaa sadeen kanneen akka; qaama seera tumtuu, raawwachiiftuufi hiiktuu jechuu keenya.

Garaagarummaan bu'uuraa mootummaafi bulchiinsa mootummaa gidduu jiru kanneen armaan gadiiti.

### A. Bulchiinsi mootummaa caaccuulee mootummaa keessaa isa tokkodha

Akkuma kanaan dura ibsametti, mootummaan caacculee murteessoo ta'an afur kanneen akka, ummataa, lafa, bulchiisaafi birmadummaa ofkeessatti qabata. Sababa kanaaf, bulchiinsi mootummaa caacculee jiran keessaa isa tokko ta'ee mootummaa bakka bu'uun kan hojjetudha.

### B. Mootummaan kan hinmul'anne yommuu ta'u, bulchiinsi mootummaa immoo qabatamaadha

Mootummaan ijaan kan hinmulanneefi sadarkaa yaadaatiin kan jirudha. Bulchiinsi mootummaa garuu qabatamaafi garee namootaa gamtaadhaan aangoo mootummaa hojiirra oolchan agarsiisa. Gama biraatiin, namoota ummataan filataman irraa kan ijaaramu ta'ee bifaafi caasaa ifa ta'e kan qabuudha.

### C. Bulchiinsi mootummaa gurmuu namoota muraasaati

Mootummaan ummata waliigala kan hammatuudha. Bulchiinsi mootummaa garuu bakka bu'oota ummataan kan ijaarameedha. Bulchiinsi mootummaa garee hawaasaa muraasa filatamanii uummata bakka bu'ummaan tajaajilan irraa kan hundaa'edha.

### D. Miseensummaan mootummaa dirqama yoo ta'u, kan bulchiinsa mootummaa garuu miti

Lammiileen biyya tokkoo hundi miseensa mootummaa biyya sanaati. Lammiileen hundi garuu miseensa bulchiinsa mootummaa sanaa ta`uu dhiisuu danda`u. Miseensa mootummaa ta`uu jechuun miseensa bulchiinsa mootummaa ta`uu jechuu miti. Kanaafuu, miseensummaan mootummaa lammiilee hundaaf dirqama yoo ta`u, kan bulchiinsa mootummaa garuu dirqama miti. Kana jechuun lammiileen dhuunfaanis ta`ee karaa dhaabbilee siyaasaa gurmaa`uun bulchiinsa mootummaa keessatti qooda fudhachuu danda`u. Kun immoo fedhii lammii irratti kan hundaa`u malee akka miseensummaa mootummaa dirqama miti.

### E. Mootummaan caacculee walfakkaataa ta'an kan qabu yoo ta'u, bulchiinsi mootummaa garuu biyyaa biyyatti garaagara

Mootummaan caacculee kanneen akka: ummataa, daangaa, bulchiinsa mootummaafi birmadummaa kan qabudha. Bulchiinsi mootummaa immoo biyyaa biyyatti amalootaafi akaakuu adda addaa kan qabu ta'ee, sirnoota kanneen akka paarlaamentawaa, pirezedaantawaafi walmakaa ofkeessaatti qabata. Dabalataanis, bulchiinsi mootummaa dimookiraatawaa, gonfoo, aristookiraasiifi abbaa irree ta'uu danda'a.

### F. Mootummaan dhaabbataa yommuu ta'u, bulchiinsi mootummaa garuu jijjiiramaadha

Mootummaafi bulchiinsa mootummaa walbira qabnee yemmuu ilaallu; mootummaan birmadummaa qabaachuun yeroo dheeraaf kan jiraatu yommuu ta'u bulchiinsi mootummaa garuu nidhufa yeroosaa eeggatees nidarba. Haala kanaan, bulchiinsi mootummaa filannoo yookaan warraaqsaan guutummaa guutuutti jijjiiramuu danda'a.

## Hojii pirojeektii

1. Garaagarummaan mootummaafi bulchiinsa mootummaa irratti barsiisota biroo irraa oddeeffannoo fudhachuun dareef dhiyeessi.
2. Bulchiinsi mootummaa caacculee mootummaa keessa tokko ta'uu danda'a jetee yaadda? Haala kamiin?

## Guduunfaa

Mootummaan hawaasa siyaasaan qindaa'ee jiraatuun kan hundaa'u ta'ee bulchiinsa mootummaan kan hogganamuudha. Mootummaan ammayyaawaa caacculee mootummaa kanneen akka: ummataa, daangaa, bulchiinsa mootummaafi birmadummaa ofkeessatti qabata.

Bulchiinsi mootummaa dimokiratawaa seeraafi qajeelfama hordofuun; nageenyaafi qabeenya ummataa eeguu, dinagdee hogganuufi biyya sodaa alaa irraa eeguuf ittigaafatamummaa qaba. Waan kana ta'eef, gaheen bulchiinsa mootummaa nageenyi akka jiraatu gochuudha.

Bulchiinsi mootummaa akaakuu garaa garaa qabaachuu danda'u. Akaakuu bulchiinsa mootummaa ifatti hubachuuf biyyoonni baay'een mirga ummatni ofiin ofbulchuu irratti qaban akka ulaagaatti fayyadamu. Hojiirra oolmaa mirga ofiin ofbulchuu ummataa irratti hundaa'uun bulchiinsa mootummaa; gonfoo, aristookiraasii, abbaa irreefi dimokiraatawaa jedhamanii qoodamuu danda'u.

Mootummaafi bulchiinsa mootummaa namoonni yeroo baay'ee waljijjiiruun kan ittifayyadaman ta'uyyuu, garaagarummaa akka qaban beekuun barbaachisaadha. Kana jechuun garaagarummaan mootummaafi bulchiinsa mootummaa gidduu jiraa jechuudha. Mootummaan caacculee gurguddoo ta'an afur ofkeessatti qabata. Isaan keessaa inni tokko bulchiinsa mootummaati. Mootummaan kan hinmul'anne yommuu ta'u, bulchiinsi mootummaa garuu qabatamaadha. Akkasumas, mootummaan ummata bal'aa iraa yommuu ijaaramu, bulchiinsi mootuummaa immoo bakka bu'oota ummataan ijaarama. Kana malees,

## Hiika Jechootaa

- **Aristookiraasii-**bulchiinsa mootummaa garee muraasa beektoota ta`aniin hogganamudha.
- **Dimokiraasii-** bulchiinsa ummataa kan aangoo olaanaan harka ummata bal`aa jirudha.
- **Bulchiinsa mootummaa abbaa irree-**bulchiinsa aangoo daangaa hinqabnee qabudha.
- **Bulchiinsa mootummaa gonfoo-** aangoon harka namadhuunfaa kan jiruufi dhaala sanyiin daddarbuu agarsiisa.
- **Bulchiinsa mootummaa-** qaama bakka bu`aa mootummaa ta`ee hojii mootummaa hojjetuudha.
- **Ummata-** garee namootaa naannoo walfakkaatu keessa jiraatu.
- **Birmadummaa-**Biyyi tokko giddu seenummaa biyya biraa irraa bilisa ta'uu ishee kan agarsiisuudha.
- **Mootummaa-**mootummaan hawaasa siyaasaan gurmaa'ee hoggansa tokkoon buludha.
- **Lafa daanga'aa-** daangaa lafaa biyya tokkoof murtaa`ee beekamedha.
- **Qaama seera raawwachiiftuu-** qaama bulchiinsaa aangoo seera raawwachiiftummaa qabuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane ''Soba" jedhii deebisi.**

1. Bulchiinsi mootummaa qaama hojii mootummaa hojjetudha.
2. Ummanni biyya tokko keessa jiraatu saba, amantiifi afaaniin tokko ta'uu hindanda'u.
3. Bulchiinsa mootummaa alatti mootummaan jiraachuun rakkisaadha.
4. Bulchiinsi mootummaa akka mootummaa kan hinjijjiiramnedha.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadii erga dubbiftee booda filannoowwan dhiyaatan keessaa isa baay'ee sirrii ta'e filadhu.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa caaccuulee mootummaa kan hintaane isa kami?
   A. Ummata
   B. Lafa danga'aa
   C. Paartii Siyaasaa
   D. Birmadummaa
2. Akaakuu bulchiinsa mootummaa aangoon namoota muraasa olaanoofi baratan harka jiru kami?
   A. Bulchiinsa mootummaa gonfoo
   B. Aristookiraasii
   C. Abbaa irree
   D. Dimokiraatawaa
3. Kanneen armaan gadii keessaa waa'ee mootummaa sirriitti kan ibsu kami?
   A. Ummata bal'aa irraa ijaarame
   B. Yeroo yerootti jijjiirama
   C. Kan mul'atuudha.
   D. Bakka bu'oota ummataan hundeeffama

**Kutaa III:Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e gabaabsii barreessi.**

1. Gaheewwan bulchiinsa mootummaa maalfaadha?
2. Caacculee mootummaa keessaa tokko yoo dhabame maaltu ta'a jettee yaadda?

# BOQONNAA 3

# Dimokiraasii

## Seensa

Boqonnaa lammaffaa keessatti yaadrimee mootummaafi bulchiinsa mootummaan walqabatan baratteetta. Boqonnaan kun immoo waa'ee dimokiraasii irratti xiyyeeffata. Dimokiraasiin jireenya dhala namaa guyyaa guyyaa waliin kan walqabatu waan ta'eef, xiyyeeffannoon boqonnaa kanaa: dhimmoota kanneen akka yaadrimee dimokiraasii, akaakuu dimokiraasiifi akkaataa itti dimokiraasiin hojiirra oolu ibsuudha. Dabalataan ilaalchota dimokiraasiin ittiin hubatamuufi duudhaawwan dimokiraasii xabboo addeessuudha.


**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**

- yaadrimee dimokiraasii ibsuu;
- akaakuu dimokiraasii himuu;
- karaalee hojiirra oolmaa dimokiraasii adda baasuu;
- duudhaalee dimokiraasii xabboo dinqisiifachuu;
- kallattiilee ilaalchaa dimokiraasiin ittiin hubatamu adda baasuu.


## 3.1. Maalummaa Dimokiraasii

Ga’umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- madda dimikiraasii ni’ibsita.
- dimokiraasii nihiikta.
- bulchiinsa nama dhuunfaa ni’ibsita.



Waa’ee dimokiraasii maal beekta? Yaadakee dareef qoodi.




**Fakkii 3.1 Yaadrimee Dimokiraasii**

Dimokiraasiin jechoota Giriikii lama ‘diimoosifi kiraatoos jedhu irraa madde. Hiikni isaas diimoos jechuun uummata yommuu ta’u kiraatoos jechuun immoo bulchiinsa jechuudha. Kanaafuu, dimokiraasiin bulchiinsa uummataa jechuudha.

Dimokiraasiin sirna bulchiinsaa ummatni aangoo olaanaa harkaa qabuufi kallattiin yookaan karaa bakka bu’oota isaatiin dhimmoota biyyaa keessatti qooda fudhatudha. Walumaagalatti, dimokiraasiin yaada bulchiinsa ummataa, ummataan, ummataaf jedhamuunis ibsamuu danda’a.

## Qordhimma

Mana barnootaa keessatti dareewwan jiran hundi museewwan daree isaanii qabaachuun murteessaadha. Kanaafuu, akkuma daree biroo isinis bakka bu`oota daree keessanii qabaachuu qabdu. Daree keessan keessa barattoota soddomii shantu jiru jedhii yaadi. Achi keessaa bakka bu`oonni filataman lamadha.Yeroo bakka bu'oota filattan dhiirriifi shamarran bakka bu`uu isaanii mirkaneessaa. Maaliif bakka bu`oonni lama barbaachisan? Kan jedhuuf, sababa adda addaatiin bakka bu`aan tokko yoo hinjiraanne, bakka bu`aan lammaffaan yookiin itti aanaan hojii isaa bakka bu`ee hojjeta waan ta`eefidha. Bakka bu`oonni kun lamaan kan filataman barattoota soddomii shanan kanaanidha. Filannoon isaa sirriifi bilisa ta`uu qaba. Dhiibbaan qaama alaa kamiyyuu keessa galuu hinqabu. Barattoonni hundi filannicha keessatti bilisaan hirmaachuutu irraa eegama. Filannoon kun haala kanaan yoo gaggeeffame, sirriifi haqa-qabeessa jechuu nidanda`ama.

## Hojii Garee


Gaaffii armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Qordhimma olii irratti filannoon gaggeeffame dimokiraatawaadha jechuu nidanda`ama? Maaliif? Ibsaa.
2. Ijaarsi sirna dimokiraasii adeemsa yeroo dheeraa kan gaafatudha. Sababa isaa irratti mar`achuun dareef gabaasaa.

## 3.2. Madda Dimokiraasii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- bakka madda dimokiraasii adda nibaasta;
- uumama dimokiraasii Ateensi ni'ibsita;
- hanqinoota dimokiraasii Ateensi nitarreessita;
- bu`aa dimokiraasii Ateensi nitarreessita.



Maddi dimokiraasii eessa?

Dimokiraasiin dhaloota Kiristoosiin dura jaarraa 5ffaa keessa mootummoota magaalaa Giriik keessaa tokko kan taate Ateensitti eegale jedhamee yaadama. Haata'u malee, sirni dimokiraasii Ateensi keessa qofa ture jechuu otuu hintaane, Ateensi humna qabeettiifi baay`ee beekamtuu waan turteefidha.

Ateensi keessatti lammiileen dhiira ga'eessotaa hundi dhimmoota bulchiinsa magaala isaanii irratti kallattiin hirmaachuun murtee kennu turan. Kanaaf, dimokiraasiin Giriikitti eegale dimokiraasii kallattiiti. Dimokiraasiin Ateensi qajeeltoowwan dimokiraasii ammayyaa waliin walsimu hedduu qaba. Kanneen keessaa:

- ummatni kallattiin hirmaachuu;
- walqixxummaa siyaasaa (yoo xiqqaate dhiira ga`eessotaaf) kennuu;
- yaadni bulchiinsi uummataaf ittigaafatamummaa qaba jedhu jiraachuu;
- bakka jecha uranee (subjects) jedhu lammiilee kan jedhuun bakka buusuu fa`i.

Walumaagalatti, dimokiraasiin Ateensi durii akka madda dimokiraasiitti yoo fudhatameyyuu, hanqinoota mataa isaa qaba. Fakkeenyaaf, qajeeltoowwan bu`uraa dimokiraasii keessaa lammiileen hundi adeemsa bulchiinsaa keessatti

walqixa hirmaatu kan jedhuufi namni kamiyyuu bilisaafi garbummaaf saaxilamuu hinqabu kan jedhu ofkeessatti hinhammatu. Ta'us, adeemsa bulchiinsaa keessatti hirmaannaa lammiileetiif carraa waankennuuf akka madda bu'uura guddina dimokiraasii ammayyaatti tajaajileera.

## 3.3. Akaakuuwwan Dimokiraasii

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- maalummaa dimokiraasii liberaalaa ni'ibsita;
- amaloota ijoo dimokiraasii hawaasummaa ni'ibsita;
- garaagarummaan dimokiraasii liberaalaafi hawaasummaa gidduu jiru nihimta.

**Gaaffilee Hubannoo**

Garaagarummaan dimokiraasii liberaalaafi dimokiraasii hawaasummaa gidduu jiru maali?

Hirmaannaa bulchiinsi mootummaa dhimmoota dinagdeefi siyaasaa keessatti taasisu irratti hundaa'uun dimokiraasii liberaalaafi hawaasummaa jechuun bakka lamatti qooduun nidanda'ama.

### 3.3.1 Dimokiraasii Liberaalaa

Dimokiraasiin liberaalaa akaakuu dimokiraasii keessaa tokko ta'ee, bulchiinsi mootummaa dhimmoota hawaas-dinagdee gidduu akka hinseenne kan taasisudha. Dimokiraasiin liberaalaa yeroo tokko tokko akka dimokiraasii kaappitaalistiitti kan fudhatamu ta'ee irra guddeessaan biyyoota dhihaan hojiirra oola. Akaakuu dimokiraasii kana keessatti gaheen bulchiinsi mootummaa sochii dinagdee keessatti qabu xiqqaadha. Karaa biraatiin, dimokiraasiin liberaalaa dinagdee gabaa bilisaa irratti kan xiyyeeffatu yoo ta'u, gaheen mootummaa immoo sirna eeguufi hammattoo seeraa qopheessuudha.

Mootummaan humnoota dinagdee waldorgoman madaala isaanii eegsisuuf qajeeltoowwan qopheessuun gahee mataa isaanii akka taphatan taasisa. Kunis dimokiraasiin liberaalaa walqixxummaa dinagdee irraatti osoo hintaane carraa walqixa kennuufi walqixxummaa siyaasaafi seeraa irratti xiyyeeffachuu kan agarsiisuudha.

### 3.3.2 Dimokiraasii Hawaasummaa

Dimokiraasiin hawaasummaa dhimmoota dinagdeefi hawaasummaatiif dursa kan kennuudha. Galmi ijoon dimokiraasii hawaasummaa daandii jijjiiramaa kaappitaalizimii hordofuun walqixxummaa milkeessuufi hawaasa gita-maleessa uumuudha.

Dabalataan, haqummaa hawaasaafi hiyyeessota dinagdeedhaan ga`oomsuu jajjabeessa. Kanaafuu, tajaajiloota akka nageenya hawaasaa, mana jireenyaa, barnoota walabaa, fayyaafi tajaajila wal'aansaafi kanneen biroo kennuu irratti xiyyeeffata.

## 3.4. Karaalee Dimokiraasiin Ittiin Hojiirra Oolu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- karaalee dimokiraasi ittin hojirra oolu ni'ibsita;
- maalummaa dimokiraasii alkallattii nihimta.



Dimokiraasiin haala kamiin hojiirra oola jettee yaadda?

Hirmaannaa lammiileen adeemsa dimokiraasii keessatti taasisan irratti hundaa'ee karaaleen dimokiraasiin hojiirra ittiin oolu lamatu jiru. Isaanis: dimokiraasii kallattii/qulqulluufi dimokiraasii alkallattii/bakka bu'iinsaa jedhamu.

## 3.4.1 Dimokiraasii Kallattii

Dimokiraasiin kallattii kan akkamiiti?

Dimokiraasiin kallattii adeemsa lammiileen ga'eessonni hundi giddu-seentummaa filatamtootaa malee murtii kennuu keessatti akka hirmaatan kan dandeessisudha. Kunis lammiileen umurii seeraan kaa'ame guutan mirga walga'ii siyaasaa irratti hirmaachuu, dhimma mari'atame irratti sagalee kennuufi murtee garee guddaa fudhachuu irratti hundaa'a. Fakkeenyaaf, daree keessatti bakka bu'oota daree keessanii kallattiidhaan filachuu dandeessu; kun immoo karaa dimokiraasiin kallattii hojiirra ittiin oolu keessaa tokkodha.



Fakkii 3.2 Barattootni yeroo bakka bu'oota daree kallattiin filatan

Dimokiraasiin kallattii, haalotaafi bakkawwan muraasatti hojiirra ooluu danda'a. Fakkeenyaaf, karaa koreewwan adda addaa, manneen barnootaafi waldaalee hawaasaa iddoo kallattiin mari'atamuufi waloon sagaleen kennamutti hojiirra ooluu nidanda'a. Dabalataan, dhimma murtaa'aa murtee ummataa/riifirendamii barbaadu irratti kallattiin lammiilee hunda waliin marii taasisuuf nifayyada.

Dimokiraasii kallattii keessatti murteen ummataa sadarkaa bulchiinsaa garagadii (ganda, aanaa, godina), naannoofi biyyoolessaatti taasifamuu danda’a.

Haata’u malee, dhimmoota walxaxaafi waliigalaa keessatti sababa baay’ina ummataa irraa kan ka’e dimokiraasii kallattii hojirra oolchuun rakkisaadha.

## Gahee Taphachuu

Akka seeera filannoo Itoophiyatti, namni ulaagaa seera filannoo guute kamiyyuu, mirga murtee ummataa irratti sagalee kennuu qaba. Haala kanaan, ummanni aanaa ati jiraattuu keessa jiraatan sadarkaa bulchiinsa gandaa irraa gara aanaatti olguddachuuf sagalee kennaa jiru jennee haayaadnu. Atis akka lammiitti murtee ummataa irratti sagalee kennuu irratti hirmaataa jirta haajennu. Fakkeenya armaan olitti ibsame irratti hundaa’uun, barattoonni daree keessa jiran sadarkaa bulchiinsa gandaa irraa gara aanaatti olguddachuuf sagalee kennuu irratti gahee taphadhaa. Sagalee kennuun erga xumuramee booda barsiisaan keessan sagalee keessan lakkaa’uun bu’aa murtee keessanii ifa nitaasisa. Hirmaannaan isin adeemsa murtee kennuu keessatti taasiftan kunis fakkeenya dimokiraasii kallattiiti.

## Hojii Garee

Addunyaa si’anaa keessatti dimokiraasii kallattii hojiirra oolchuun nidanda’amaa? Maalif? Gareen mar`achuun daree keessaniif dhiyeessaa.

### 3.4.2 Dimokiraasii Alkallattii

Dimokiraasiin alkallattii kan akkamiiti?

Dimokiraasiin alkallattii karaa dimokiraasiin si'ana hojiirra ittiin oolaa jirudha. Adeemsa kana keessatti lammiileen; namoota ummata bakka bu'an filachuun karaa bakka bu'oota isaanii dhimmoota adda addaa irratti murtoo dabarsu. Fakkeenyaaf, Itoophiyaa keessatti ummanni mana mareetiif bakka bu'aa isaa waggaa shan shaniin filachuuf carraa qaba.

Tokkoon tokkoon miseensota mana maree bakka bu'oota ummataa lammiilee hunda kan bakka bu'aniidha. Miseensonni mana maree bakka bu'oota ummataa kunniinis yeroo yerootti walgahuun dhimmoota adda addaa irratti marii taasisu; seerota ittiin bulmaataa biyyattiis nitumu. Haata' u malee, gahee isaanii gahumsaan bahachuu yoo hindandeenye ummanni filannoo itti aanuun aangoo irraa kaasuu danda'a. Haaluma kanaan ummanni bakka bu'oota isaa hordofuufi to'achuu danda'a.



Fakkii 3.3 Hirmaannaa dimokiraasii bakka bu'iinsaa

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Addunyaa si'anaa keessatti dimokiraasiin alkallattii dimokiraasii kallattii caalaatti maaliif filatama?
2. Dimokiraasiin kallattiifi alkallattii walfakkeenyaafi garaagarummaa akkamii qabu?

# 3.5. Ilaalchota Dimokiraasiin Ittiin Hubatamu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- dimokiraasii adeemsaa ni'ibsita;
- dimokiraasii bu'aa nihimta;
- garaagarummaa dimokiraasii adeemsaafi bu'aa ni'ibsita.

Dimokiraasiin adeemsa moo bu'aadha jettee yaadda?

Dimokiraasiin karaalee lamaan hubatamuu danda'a. Isaanis: dimokiraasii adeemsaafi dimokiraasii bu'aati.

## 3.5.1 Dimokiraasii Adeemsaa

Dimokiraasiin adeemsaa haalaafi adeemsa bulchiinsa mootummaa irratti xiyyeeffata. Qajeeltoon dimokiraasii adeemsaa; hirmaannaa, walqixxummaa siyaasaafi bulchiinsa garee guddaa fa'i. Akka ilaalcha kanaatti dimokiraasiin filannoo walabaa ummanni bakka bu'oota isaa filachuuf taasisuun ibsama. Ilaalchi kun adeemsi filannoo aangoo dabarsuuf murteessaa ta'uufi sirnaan hordofamuu akka qabu irratti xiyyeeffata. Adeemsi filannoon keessa darbu agarsiiftuu bu'uuraa dimokiraasii adeemsaati.

### 3.5.2 Dimokiraasii Bu’aa

Ilaalchi dimokiraasii bu’aa immoo waan mootummaan qabatamaan hojjatu irratti fuulleffata. Kunis imaammanni hojiirra oolu qajeeltoo dimokiraasii waliin walsimuu qaba jechuudha. Akka ilaalcha dimokiraasii kanaatti, bu’aan filannoo ummata bakka bu’a jedhamee yaadama. Adeemsa bulchiinsi mootummaa dhimma siyaasaa gaggeessu keessatti; ummanni sagalee isaa qabatamaan ibsachuu danda’uu qaba. Dimokiraasiin akkanaa dimokiraasii qabatamaa jedhamuunis nibeekama.

Haata’u malee, biyyoonni lammiilee umriin isaanii filachuuf gahe akka filataniif heeyyamanis kun qofti dimokiraasii bu’aa irratti xiyyeeffate jechisiisuu hindanda’u. Dimokiraasiin bu’aa jira jechuudhaaf, bu’aan filannoo jijjiirama qabatamaa kanneen akka walqixummaa siyaasaa, guddina dinagdeefi kan biroo fiduu qaba.

**Hojii Garee**

Garaagarummaa ilaalchota dimokiraasii adeemsaafi dimookiraasii bu’aa gidduu jiru maal akka ta’e gareen mari’achuun dareef dhiyeessaa.

## 3.6. Muuxannoowwan Dimokiraasii Xabboo

**Ga’umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- maalummaa dimokiraasii xabboo ni’ibsita;
- muuxannoo dimokiraasii xabboo itoophiyaa nitarreessita.

Dimokiraasii xabboo jechuun maal jechuudha?

Dimokiraasii xabboon beekumsa aadaa hawaasaa ta’ee; sirna hawaasni murtee kennuu, waldhabdee hiikuufi hoggansa kennuu irratti gargaaramaa tureefi ammas hojiirra oolaa jirudha.

Afrikaa keessatti jalqabbii sirna siyaasaa ammayyaan dura jaarmiyaaleefi sirni hoggansaa hawaasaa akka ture nibeekama. Yeroo ammaas Itoophiyaa dabalatee, biyyoota Afrikaa baay'ee keessatti jaarmiyaaleefi sirni hoggansaa hawaasaa sirna hoggansaa ammayyaa waliin hojjataa jira.

Itoophiyaa keessattis sirni bulchiinsa ammayyaa hojiirra oolaa jiraatus, jaarmiyaaleen aadaa, siyaas-diinagdee hawaasaa qajeelchuun, qaawwa caasaafi dhaabbilee mootummaa idileetiin uumamu guutuudhaan gahee taphataa jiru. Kanaaf ammoo, Sirna Gadaa akka fakkeenya dimokiraasii xabbootti fudhachuun nidanda'ama.



*Fakkii 3.4 Jaarsummaa; Ibsama dimokiraasii xabboo*

Ummattootni Itoophiyaa jaarmiyaalee xabboo hawaasaa; walitti bu'iinsa ittiin hiikkataniifi hawaasa biratti fudhatama qaban hedduu qabu. Jaarmiyaalee kanneen keessaa muraasni: Jaarsummaa ummata Oromoo, Shimgilinnaa ummata Amaaraa, Yajookaa ummata Guraagee, De'iiraa Cimmaa Wolaayittaa, Enashmaa Beenishaangul-Gumuuz, Ba'itoo Tigraayi, Mada'aa Affaariifi Heer Somaalee eeruun nidanda'ama.

Jaarmiyaaleen hawaasaa kunniin dhaabbilee ammayyaawaafi idilee kanneen akka manneen murtii cinaatti dhimmoota adda addaa furuu keessatti gahee guddaa taphatu.

## Guduunfaa

Dimokiraasiin jechoota Giriikii irraa kan fudhatame ta'ee; hiikni isaas bulchiinsa ummataa jechuudha. Dimokiraasiin mootummaa magaalaa Ateensi duriitti eegalame jedhamee yaadama. Dimokiraasiin akaakuu bulchiinsa mootummaa kan ummanni aangoo siyaasaa olaanaa keessatti qabudha. Lammiileen biyya tokkoo sirna dimokiraasii keessatti karaa kallattiifi alkallattiin hirmaachuu danda'u. Dimokiraasii kallattii keessatti lammiileen dhimmootaafi murtoo siyaasaa hunda keessatti kallattiidhaan qooda fudhatu. Yeroo ammaa kana, sababoota adda addaa kan akka baay'ina ummataa, haala teessuma lafaa, qabeenya, yeroofi kan biroo irraa kan ka'e dimokiraasiin kallattii baay'inaan hinfilatamu. Iddoo isaa dimokiraasii bakka bu'iinsaatu baay'inaan hojiirra oolaa jira. Dimokiraasii alkallattii keessatti, ummanni bakka bu'oota isaa filata. Filatamtoonni immoo bakka ummataa bu'uudhaan hojjatu.

Gama biraatiin, dimokiraasiin adeemsa ta'uu beekuunis murteessaadha. Kanaaf, ijaarsi sirna dimokiraasii yeroo fudhata waan ta'eef qooda fudhattoonni aadaa dimokiraasii ijaaruuf dirqama waliin hojjachuu qabu. Dhaabbilee siyaasaa, sabaahimaalee, yaada ummataafi dhaabbileen siiviilii hundi adeemsa ijaarsa dimokiraasii keessatti gahee nitaphatu.

Dimokiraasii akaakuu lamatti qooduun ilaaluun nidanda'ama. Isaanis: dimokiraasii liberaalaafi hawaasummaa jedhamu. Dimokiraasiin liberaalaa akaakuu dimokiraasii ta'ee, bulchiinsi mootummaa dhimmoota hawaas-dinagdee gidduu akka seenu hinjajjabeessu. Dimokiraasiin hawaasummaa immoo daandii jijjiiramaa kaappitaalizimii hordofuun walqixxummaa milkeessuufi hawaasa gita-maleessa uumuudha.

Dimokiraasiin adeemsaafi dimokiraasiin bu'aa ilaalchota dimokiraasiin ittiin hubatamudha. Dimokiraasiin adeemsaa hojimaata mootummaa irratti kan fuulleffatu yoo ta'u; dimokiraasiin bu'aa immoo raawwiifi bu'aawwan qabatamaa irratti xiyyeeffata.

Dimookiraasiin xabboo beekumsa aadaa hawaasaa ta'ee sirna hawaasni murtee kennuu, waldhabdee hiikuufi hoggansa kennuu irratti gargaaramaa tureefi ammas hojiirra oolaa jirudha. Sirni dimokiraasii xabboo ijaarsa sirna dimokiraasii ammayyaa keessatti gummaacha olaanaa qaba.

## Hiika Jechootaa

- **Dimokiraasii-** bulchiinsa ummataa kan aangoo olaanaan harka ummata bal`aa jiruudha.
- **Dimokiraasii kallattii-** hirmaannaa lammiileen ga'eessi hundi kallattiin dhimmoota biyya isaanii keessatti taasisanidha.
- **Dimokiraasii bakka bu`iinsaa-** adeemsa lammiileen bakka bu'oota isaanii filachuun karaa bakka bu'oota filatamaniin dhimmoota murtoo kennuu irratti hirmaataniiti.
- **Dimokiraasii liberaalaa-** akaakuu dimokiraasii mirgaafi bilisummaa nama dhuunfaa leellisu ta`ee; gidduseentummaa mootummaan dhimma dinagdee keessatti qabu kan daangessudha.
- **Dimokiraasii hawaasummaa-** akaakuu dimokiraasii dhimmoota hawaas-dinagdee irratti xiyyeeffatuufi walqixxummaafi haqummaa lammiilee mirkaneessuun hawaasa gita-maleessa uumuu kan deeggarudha.
- **Dimokiraasii adeemsaa-** ilaalcha dimokiraasiin ittiin hubatamu ta'ee adeemsa bulchiinsa mootummaa irratti xiyyeeffata.
- **Dimokiraasii bu'aa-**ilaalcha dimokiraasii ta'ee gochaalee mootummaan qabatamaadhaan hojjatu irratti fuulleffata.
- **Awutooriteeriyaanii-** jechuun akakuu bulchiinsa mootummaa keessaa tokko ta'ee; jireenya ummataa kallattii hundaan humnaan kan to`atudha.

- **Tootaaliteeriyaanii** – akaakuu bulchiinsa mootummaa ta`ee; yeroo dheeraatiif gareen muraasni dhimmoota hawaasaa hunda to`achuun kan hoogganudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane ''Soba" jedhii deebisi.**

1. Dimokiraasiin Roomaa durii keessaa madde jedhamee yaadama.
2. Ilaalchi dimokiraasii bu'aa irratti xiyyeeffatee; wantoota qabatamaa mootummaan hojjatu irratti fuuleffata.
3. Dimokiraasiin Ateensi durii dimokiraasii ammayyaatiif waan gumaache hinqabu.
4. Dimokiraasii bakka bu'iinsaa keessatti ummanni kallattiidhaan dhimmoota siyaasaa irratti hirmaata.
5. Kaayyoon dimokiraasii hawaasummaa kaappitaalizimii haaromsuudhaan walqixxummaafi hawaasa gitamaleessa uumuudha.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadii erga dubbiftee booda filannoowwan dhiyaatan keessaa isa baay'ee sirrii ta'e filadhu.**

1. Qoodafudhattoota armaan gadii keessaa adeemsa ijaarsa sirna dimokiraasiitiif kamtu barbaachisaadha?
   A. Paartilee siyaasaa
   B. Sabaahimaalee ummataa
   C. Yaada ummataa
   D. Hunda
2. Kanneen armaan gadii keessaa dimokiraasii Ateensi durii ilaalchisee kamtu dhugaadha?
   A. Lammummaan namoota mirga addaa qaban muraasa irratti daanga'ee ture
   B. Dubartoonniifi garboonni hirmaachuudhaaf hinheeyyamamu
   C. Dimokiraasii kallattii ture
   D. Hunda
3. Akaakuu dimokiraasii isa kamtu sirna gabaa bilisaa deeggaruun beekama?
   A. Dimokiraasii hawaasummaa
   B. Dimokiraasii liberaalaa
   C. Dimokiraasii bu'aa
   D. Dimokiraasii adeemsaa
4. Dhaabbanni dimokiraasii xabbooo kan ummata Oromoo biratti walitti bu'iinsa hiikuuf gargaaru kami?
   G. Jaarsummaa C. Mada'aa
   H. Yejookaa D. Heer
5. Himoota armaan gadii keessaa dimokiraasii ilaalchisee kamtu dhugaadha?
   A. Ijaarsi sirna dimokiraasii adeemsa yeroo dheeraa gaafatudha.
   B. Dimokiraasiin hirmaannaa mootummaa qofaan ijaaramuu danda'a.
   C. Dimokiraasiin kallattii yeroo ammaa caalmaatti filatamaadha.
   D. Deebiin hinkennamne.

# BOQONNAA 4

# Olaantummaa Seeraa

## Seensa

Boqonnaa sadii keessatti waa`ee dimokiraasii barattee jirta. Boqonnaa kana keessatti immoo qajeeltoowwan dimookiraasii bu'uuraa kanneen ta'an keessaa waa'e olaantummaa seeraa baratta. Kana jechuunis, yaaadrimee olaantummaa seeraa, barbaachisummaa olaantummaa seeraa, mul'istoota olaantummaa seeraa, olaantummaa seeraafi olaantummaa nama dhuunfaa, akkasumas danqaalee olaantummaa seeraa baratta jechuudha.

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**

- yaadrimee olaantummaa seera ibsuu;
- maddoota seeraa tarreessuu;
- barbaachisummaa olaantummaa seeraa ibsuu;
- ibsitoota kabajamuu olaantummaa seeraa adda baasuu;
- olaantummaa seeraafi olaantummaa nama dhuunfaa ibsuu;
- wantoota kabajamuu olaantummaa seeraa irratti danqaa ta`an tarreessuu.

## 4.1 Yaadrimee Olaantummaa Seeraa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- yaadrimee olaantummaa seeraa ni`hiikta;
- haqummaa jirenya kee guyyaa keessatti hojii irra oolchita;
- murteen nama tokkoo sirrii ta`uufi dhiisuu isaa niqaaccessita.

Olaantummaa seeraa jechuun maal jechuudha?

Maalummaa olaantummaa seeraa hubachuudhaaf seeraa jechuun maal jechuu akka ta'e beekuun barbaachisaadha. Seera jechuun kuufama qajeelfamootaafi dambiiwwanii qaama seera tumuun bahuufi kan lammiileen hundi kabajuu qabanidha. Seerri lammiilee biyya tokkoof eegumsa nitaasisa.  Kana jechuun mirgoonni lammiilee qaamota biroo kanneen akka namoota dhuunfaa, dhaabbilee adda addaatiifi bulchiinsa mootummaatiin akka hinsarbamne ni'eega. Seerri dhimmoota ummatni jiruufi jireenya isaa keessatti raawwachuu qabuufi hinqabne kan agarsiisudha. Dabalataan, waan raawwachuu qabnu yoo raawwachuu dhiifne adabbii inni hordofsiisu kan nutti agarsiisudha.

Olaantummaa seeraa jechuun immoo seerri, akkaataa qabiyyee seericha keessatti tumamee jiruun, hojiirra ooluu jechuudha. Akkasumas, bulchiinsi mootummaa seeraan ala aangoo akka hinfayyadamne daangessuufi namni hundi seera duratti walqixa ta'uu kan agarsiisudha. Kana jechuun namni kamiyyuu seeraa ol miti jechuudha.

Akkaataa qajeeltoo olaantummaa seeraatti lammiin kamiyyuu badii raawwateef seeraan gaafatama jechuudha. Kana jechuun namni kamiyyuu adabbii gaafatamummaa seeraa jalaa kan bilisa isa taasisu mirga addaa hinqabu jechuudha. Kanaaf lammiileen hundi seera fuulduratti walqixa keessummeeffamu jechuudha.



Fakkii:4.1 Hoggantoonniifi ummanni seera fuulduratti walqixa

## Qordhimma

Mana barnootaa tokko keessatti barattootni yeroo boqonnaa isaanii taphoota adda addaa taphachaa turan. Adeemsa keessa barattota utaalchoo funyoo taphachaa turan keessaa lama wallolan. Barattoonni isaan waliin taphachaa turan rakkoo isaanii furuuf yaalanii garuu hindandeenye. Yeroo kana, barsiisaan naannoo sana ture tokko ittidhihaachuun barattoota wallolaa jiran kana tasgabbeessuuf yaale. Barsiisichis, barattoota wallolan keessaa tokko mucaa dura bu’aa mana barnootichaa ta`uu mirkaneeffate. Barattootni kun maaliif akka waldhabanis gaafate. Barattoonni isaan waliin taphachaa turanis, balleessaan kan mucaa dura bu’aa mana barnootichaa akka ta`eefi tapha keessatti barataan kun yeroo hunda humna akka fayyadamu itti himan. Barsiisaan sun garuu balleessaa kan qabu mucaa dura bu’aa mana barnootaa ta`uu otuu beekuu barataa isa balleessaa hinqabne akeekkachiisee deebi`e.



Fakkii:4.2 Barattoota taphataniifi wallolan haafooyya`u

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Otuu bakka barataa balleessaa hinqabne sanaa taatee maal goota?
2. Akka yaada keetti gochi barsiisaa kanaa fudhatama qabaa? Maaliif?
3. Mana barnootaa kee keessatti loogiin sirra gahee beekaa? Yoo sirra gaheera ta'e deebiinkee maal ture?

Yaadrimeen olaantummaan seeraa haqummaa waliin hariiroo kallattii qaba. Olaantummaan seeraa namni hundi loogii malee keessummeeffamuu kan argisiisudha. Haqummaan safuunis ta`e seeraan sirrii ta`uu kan agarsiisudha. Dabalataan, namoota kabajaan keessummeessuufi faayidaa isaaniif malu argachuu isaanii mirkaneessuudha.

Seerri garaagarummaa namoota gidduu jiru osoo ilaalcha keessa hingalchiin hojii irra ooluu qaba. Kanaaf, seerri garaagarummaa koorniyaa, bifaa, sanyii yookaan sadarkaa irratti hundaa`ee lammiilee gidduutti loogii kan taasisu yoo ta`e haqa dhabeessa ta`a.

## Qordhimma

Adeemsa baruu barsiisuu keessatti, barattootni kaayyoo baronnoo hubachuu isaanii mirkaneeffachuuf, barsiisaan yeroo hunda gaaffii gaafata. Gaaffii gaafatame deebisuuf barattoonni baay`een harka baasu. Baarsiisaan garuu yeroo hunda loogiidhaan barattoota lamaaf qofa carraa kenna. Barattoonni darees gocha barsiisaa kanaatti mufachaa dhufan. Barattoota gocha barsiisaatti mufatan keessaa tokko gaaftokko tasa ol ka`ee; barsiisaa! “Gaaffiin qaba” jedheen. Barsiisaanis barataa kanatti aaruun, “Yoon siif eyyamame malee gaaffii gaafachuu hindandeessu” jedheen. Barataan kun, barsiisaatiin akkas jedhe, “Ani otuu hineyyamsiisiin ol ka`ee gaaffiin qaba jechuun koo dogoggora ta`uu danda`a, garuu sababa loogii uumaa jirtaniifan eeyyama keessan malee olka`uuf dirqame. Hundi keenyayyuu barattoota keessani. Hunda keenyaaf carraa hirmaannaa walqixa nuu kennuu qabdu. Isin garuu loogiidhaan barattoota lamaaf qofa carraa kennitu. Sababa kanaaf, ammallee kabajaan kanan isin gaafadhu hundi keenya hirmaachuu barbaanna, kanaaf hunda keenyaaf carraa walqixa nuu kennuu qabdu” jedheen.




Fakkii:4.3 Daree keessatti barattoota walqixa hirmaachisuu

### Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Qordhimma olitti ibsame keessatti, maaltu sirrachuu qaba jettee yaadda? Hiriyyaa kee waliin mar`adhu.
2. Gochi barataa kanaa sirriidha jettee amantaa? Yaada kee daree keessatti ibsachuuf tooftaan biraa jiraa?
3. Haqummaa jiruufi jireenya kee keessatti akkamiin argisiifta?

## 4.2 Maddoota Seeraa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- maddoota seeraa adda nibaasu;
- akka maddoota seeraatti heeraafi safuu waliin madaalu.
- akkaataa itti qaamni seera tumu duudhaa hawaasaa seera keessa galchu nimadaalu.

Seerri eessaa madda jettee yaadda?

Maddoota seeraa jechuun ka`umsa seeraa jechuudha. Maddoonni seeraa isaan bu`uuraa bakka afuritti qoodamu. Isaanis kanneen armaan gadiiti.

A. **Heera-** Heerri qajeelfamootaafi seera ittiin bulmaata waliigalaa, waa`ee caasaafi sirna bulchiinsaa, dhaabbilee mootummaafi akkaataa hojmaata isaanii kan hammatedha. Heerri daangaa aangoo bulchiinsaafi mirga lammiilee ibsa. Kanaaf, heerri madda seeraa isa bu`uuraati jechuudha.

B. **Duudhaa-** Duudhaa jechuun gochaalee faayidaa qabeessa hawaasni jiruufi jireenya isaa yeroo dheeraaa keessatti uummateefi kan hinbarreeffamne

ta`ee amala qajeelchuufi walitti hidhuu kan qabudha. Duudhaan hawaasaa maddoota seeraa keessaa isa hangafaati. Hawaasni seerri ammayyaa osoo hojiirra hinooliin walitti bu`insa furuufi murtee kennuuf duudhaalee isaatti gargaaramaa ture. Duudhaalee hawaasaa kana nama cabse hawaasni adabaa ture. Dhaabbileen hawaasummaas duudhaalee hawaasaa kanarratti hundaa`u.



Fakkii: 4.4 Manguddoota Gargaaruu

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Fakkii armaan olii irratti mucayyoon kun maal gochaa akka jirtu ibsi. Otuu si ta`ee waan walfakkaatu niraawwattaa?
2. Naannoo keetti namni tokko duudhaaleen hawaasaa yoo cabse adabbii akkamiitu isa eeggata?

C. **Amantiifi safuu-** Amantiifi abboommiin isaa akkuma dhalli namaa humnoota uumamaa arguu, hubachuufi sodaachuu eegaleen madda seera hawaasaa ta'ee tajaajiluu eegale. . Amantiiwwan hedduun qajeelfamoota hawaasni beekee eeguu qabu barsiisaa dhufaniiru. Biyyoonni baay`eenis qabiyyee heera isaanii kitaabilee amantii irraa fudhatanii itti fayyadamaa turaniiru.

Qajeelfamoonni safuus hawaasa keessatti mul`achaa turaniiru. Safuun safartuu gocha dhala namaati. Waan gaariifi badaa, waan sirriifi dogoggoraa kan adda baasudha. Biyyoonnis safuu hawaasa isaanii heera isaanii keessa galchuun ittifayyadamu.

Kanaafuu, seeronni amantiifi safuun sochii ummataa to`achuun mootummaaf galtee ta`aniiru. Mootummoonni qajeelfamoota amantiifi safuu seera godhachuun ittifayyadamu.



Fakkii: 4.5 Barataa qormaata irratti hatuufi barsiisaa ittigaafatamummaa ittikenname hinbaane

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Fakkii armaan olii ilaaluun, waan hubatte hiriyyaa keetti himi. Gochi barattootaafi barsiisaa gaariimoo badaadha?
2. Haala akkasii keessatti ittigaafatamummaan barsiisaa maal ta`uu qaba jettee yaadda? Barsiisaan otuu dhaabsisuu didee maal goota?

**D. Qaama Seera Tumu-** Barsiifataan seerri yeroo dheeraaf fedhiifi ajaja moototaa irratti hundaa'ee turera. Booda garuu qaamni seera tumu akka qaama bulchiinsa mootummaa biyya bulchuutti hundeeffame. Qaamni seera tumus qajeelfamoota aadaa gara seera tumameefi qindaa'eetti jijjiire. Adeemsi seera haaraa baasuuf taasifamu seera tumuudha. Kanaaf qaamni seera tumus maddoota seeraa keessaa isa tokko jechuudha.

Manneen barnootaa dambii ittiin bulmaata kan mataa isaanii qabu. Dambiin ittiin bulmaaata manneen barnootaa mirgaafi dirqama barattootaa, barsiisotaa akkasumas, seerotaafi sirna hojimaata bulchiinsaa hammachuu danda`a. Isinis, dambii ittiin bulmaataa kan daree keessanii baafachuu dandeessu. Dambiin ittiin bulmaata daree keessanii kanneen armaan gaditti tarreeffaman ofkeessatti hammachuu danda`a.

**Dambii ittiin bulmaata daree barnootaa**

1. Yeroon dareetti argamuu;
2. Meeshaalee barnootaaf barbaachisan guuttachuu;
3. Uffata seera mana barnootaa sirriitti uffachuu;
4. Qajeelfamoota xiyyeeffannoon hordofuu;
5. Namoota biroo kabajuu;
6. Jechoota hinbarbaachifne fayyadamuu dhiisuu;
7. Balfa bakka kuusaa kosiitti gatuu;
8. Barnoota irratti hirmaachuufi deebii deebisuuf hanga danda`ame yaaluu.

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Barbaachisummaan daree barnootaa keessatti seera ittiin bulmaataa qabaachuu maali?
2. Seerri kun siifi hiriyyoota keef mirga keessan isinii eegsisuu danda`aa? Akkamitti?
3. Barattoonni seera kana otuu hordofuu baatanii rakkoolee akkamiitu dhufuu mala?

# 4.3 Barbaachisummaa Olaantummaa Seeraa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- Barbaachisummaa olaantummaa seeraa niqaaccessita;
- Akkamitti olaantummaan seeraa bu`uura sirna dimokiraasii akka ta`e ni`agarsiista;
- Walitti hidhata olaantummaa seeraafi bilisummaa nama dhuunfaa gidduu jiru nidinqisiifatta.

Olaantummaan seeraa maaliif barbaachisaa ta`e?

## Qordhimma

Aadde **Ayyaantuufi** Obbo **Waaqjiraa**

Aadde Ayyaantuufi Obbo Waaqjiraan haadha warraafi abbaa warraa yeroo dheeraa waliin jiraachaa turanidha. Isaanis mucaa dhiiraa Moosisaa jedhamu kan kutaa torba baratu qabu. Guyyaa tokko mucaan isaanii kun waan barfateef konkolaataan mana barnootaa gatee deeme. Kanaaf haadhaafi abbaan ofii isaanii konkolaataa qabatanii mucaa isaanii gara mana barnootaa geessuuf ka'an. Otuu konkolaachisaa jiranii bakka ibsaa tiraafikaa yoo gahan, akka tasaa ibsaa diimaatu ifaa jira. Haa ta`u malee, Obbo Waaqjiraan, tiraafikoonni naannoo sana waan hinjirreef, otuu ibsaan diimaa ifaa jiruu daandii qaxxaamuree deemuuf murteesse. Aadde Ayyaantuun immoo, akka abbaan warraa ishee seeraan ala daandii qaxxaamuree deemuu barbaade hubatte. Kanaafuu, akka inni ibsaa magariisaa eegee obsaan darbu itti himte.



Fakkii 4.6 Ibsaa Tiraafikaa

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Seera kan kabajnu yeroo qaamni seera kabachiisu jiru qofadhaa?
2. Otuu ibsaa diimaan ifaa jiruu Obbo Waaqjiraan otuu daandii qaxxaamuree maaltu umamuu danda`a?
3. Ariitii Obbo Waaqjiraafi obsa haadha warraa isaa irraa maal hubatte?
4. Otuu ummatni seera kabajuu baatee hawaasni maal ta`a jettee yaadda?

Olaantummaan seeraa jiruufi jireenya hawaasaa keessatti baay'ee barbaachisaadha. Kanneen keessaa isaan gurguddoon kanneen armaan gadiiti.

### 1. Dimokiraasii Gabbisuu

Olaantummaan seeraa akkamitti dimokiraasii gabbisa jettee yaadda?

Olaantummaan seeraa qajeeltoowwan sirna dimokiraasii keessaa isa tokkodha. Kanaaf sirna dimokiraasii dagaagsuu keessatti gahee olaanaa qaba. Akkaataa qajeeltoowwan olaantummaa seeraatti, amantii, sabummaa, afaan, bifaafi koorniyaan otuu addaan hinbaasiin lammiin kamiyyuu seera fuulduratti walqixadha. Kanaaf olaantummaan seeraa bulchiinsa mootummaa dimokiraatawaatiif akka qajeeltoo bu`uuraatti ilaalama.




Fakkii:4.7 Hawaasa Dimokiraatawaa ta`e

## 2. Bilisummaa Qamoolee Haqaa Jajjabeessuu



Bilisummaa qaamolee haqaa jechuun maal jechuudha?

Bakka olaantummaan seeraa jirutti qaamoleen haqaa kanneen akka mana murtii, abbootii alangaa, poolisiifi waajirri poolisii dhiibbaa qaama alaa irraa bilisa ta`anii hojii isaanii niraawwatu. Abbootiin seeraa dhiibbaa irraa walaba ta`uun seera qofa irratti hundaa`uun murtii akka kennan isaan dandeessisa.

## 3. Mirga Bilisummaa Kabachiisuu



Walitti dhufeenya olaantummaa seeraafi mirga bilisummaa maali?

Bakka olaantummaan seeraa jirutti ilaalcha adda ta’e qabaachuufi ibsachuun nidanda’ama. Bakka olaantummaan seeraa jirutti, bilisummaan sabaa himaalee hawaasaa kanneen akka raadiyoo, televiizyinii, gaazexaafi miidiyaalee hawaasaa nikabajama. Bakka olaantummaan seeraa hinjirretti garuu, namni kamiyyuu mirga ilaalcha fedhe qabaachuufi yaada ofii bilisummaan ibsachuu hinqabaatu.

### 4. Seera Dhabdummaafi Abbaa Irrummaa Hambisuu

Olaantummaan seeraa yeroo hojii irraa oolu, lammiileen mirgootaafi bilisummaa isaanii sirriitti nihubatu. Kun mirgi isaanii sarbamuufi dhiisuu isaa akka hubatan isaan gargaara. Dabalataan, seera dhabeessummaa abbootii aangoofi uumamuu abbaa irree akka to`atan taasisa. Biyyoota olaantummaan seeraa hinjirre keessatti, sirnoonni abbaa irree gaaffii ummataaf deebii kennuurra, humna fayyadamuu filatu. Biyyaafi ummata hogganan sodaachisuufi doorsisuu barbaadu. Kana irraa kan ka`e lammiileen abbaa irree jala jiran mormiidhaaf gara daandiitti bahuun isaanii hinhafu.



Fakkii:4.8 Mormii Karaa Nagaafi Deebii Bulchiinsa Abbaa Irree

# 4.4 Mul'istoota Kabajamuu Olaantumma Seeraa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- mul`istoota olaantummaa seeraa ni`ibsita;
- hanga manni murtii balleessaa jedhee itti murteessuutti namoonni bilisa ta`uu isaanii itti himta.
- barbaachisummaa qoodinsa aangoo nihimta.



Olaantummaa seeraa kabajaa jiraachuukee akkamiin ibsita?

## E. Walabummaa Qaamolee Haqaa

Walabummaa qaamolee haqaa jechuun yeroo murtiin kennamu abbootiin seeraafi qaamoleen haqaa dhiibbaa adda addaa irraa bilisa ta`uu jechuudha. Abbootiin seeraa yeroo waan seerri barbaadu murteessan dhiibbaa dhaabbilee siyaasaa, fedhii dhuunfaafi kan biroo irraa bilisa ta'uu qabu. Walabummaan qaamolee haqaa, olaantummaan seeraa akka mirkanaa`u gargaara. Kanaaf walabummaan qaamolee haqaa mul'istuu kabajamuu olaantummaa seeraati.

## F. Seerri Nama Hunda Irratti Walqixa Raawwatamuu

Mul'istuuwwan olaantummaa seeraa keessaa kan biraan namoonni gocha walfakkaatu raawwatan dhimmi isaanii seera fuulduratti haala walfakkaatuun ilaalamuufi murtii walfakkaatu argachuudha. Olaantummaan seeraa bu`aa yaadame fiduuf adeemsa seeraa loogii irraa bilisa ta`ee barbaada. Kunis namoonni gocha walfakkaatu raawwatan seera fuulduratti haala walfakkaatuun keessummeeffamu jechuudha. Karaa biraan immoo biyya olaantummaan seeraa jiru keessatti lammiileen mirgoota armaan gadii niqabaatu:

- namni yakkaan shakkame tokko yakkamaa ta'uun isaa hanga seeraan murtaa`utti akka bilisa ta`etti ilaalama;
- namni kamiyyuu seeraan ala to`annoo jala hinoolu, hinhidhamus;
- namni kamiyyuu seeraan ala qabeenyi isaa irraa hinfudhatamu;
- nama kamiyyuu irratti adabbiin kan murtaa`u karaa mana murtii qofaan ta`ee murtiin kennamu balleessaa sana waliin kan walgitu ta`uu qaba;
- akkasumas, olaantummaan seeraa nama hunda biratti kabajamuu qaba.

### Hojii pirojektii

Qaamolee haqaa naannoo keessanitti argaman gaafachuun namni dhimmi isaa mana murtiitti ilaalamaa jiruufi yakkamaa ta`uun isaa irratti hinmurtoofne maal akka jedhamu dareef gabaasaa.

Kabajni seeraaf qabnu kan ibsamu seera bakka hundatti haala walfakkaatuun hojiirra oolchuutiinidha. Akkaataa qajeeltoo olaantummaa seeraatti namni kamiyyuu; aangoo kan qabus ta'ee kan hinqabne, sooressa yookaan hiyyeessa, garee saba guddaa yookaan muraasaa, garee amantii guddaa yookaan muraasaa, dhaabata siyaasaa biyya bulchu yookaan mormitootni seeraan socho`an hundi seera kabajuu qabu.

## G. Nagaafi Tasgabbiin Mirkanaa'uu

Olaantummaan seeraa nageenyiifi tasgabbiin akka mirkanaa`u taasisa. Namoonni nageenya isaaniif bakka guddaa kennu. Olaantummaan seeraa hojii irra ooluun nagaafi tasgabbiin yoo mirkanaa`e namoonni mootummaa irraa amantaa niqabaatu. Yeroo nagaafi tasgabbiin dhabamuu immoo lammiileen mootummaa irraa amantaa nidhabu. Kun immoo seera maleessummaan akka dagaagu karaa banuu danda'a. Kana hambisuuf immoo olaantummaa seeraa mirkaneessuun murteessaa ta'a.

### H. Qoodinsi Aangoo Jiraachuu

Biyyoota olaantummaan seeraa kabajamutti, qoodinsi aangoo qaamolee bulchiinsa mootummaa gidduutti nijiraata. Qoodamiinsi aangoo walto`annaafi walmadaalliin akka jiraatu taasisuun bulchiinsi to`annoo ala akka hinbaane godha. Walto'annaafi walmadaalliin akka hojiirra ooluuf, qaamoleen bulchiinsa mootummaa hundi seeraan socho'uu qabu. Kanaaf, qoodamiinsi aangoo akka mul'istuu olaantummaa seeraatti ilaalama.

#### Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Barbaachisummaa qoodamiinsa aangoo bulchiinsaa ibsi?
2. Aangoo bulchiinsa mootummaa keessa walto`annaafi walmadaalliin otuu hinjiraannee maaltu uumamuu danda`a?


#### Piroojeektii

Aanaa keessa jiraattan keessatti qaamolee bulchiinsaa sadeen jiran daawwachuun gaheefi ittigaafatamummaa isaanii irratti gareen odeeffannoo funaanuun dareef dhiyeesaa.

## 4.5 Olaantummaa Seeraafi Olaantummaa Nama Dhuunfaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- jecha olaantummaa seeraafi olaantummaa nama dhuunfaa jedhu nihiikta.
- akkaataa itti olaantummaan seeraafi olaantummaan nama dhuunfaa hojii irra oolu nimadaalta.
- olaantummaa nama dhuunfaa niceephaata.



Garagarummaa olaantummaa seeraafi olaantummaa nama dhuunfaa maali?

Olaantummaan nama dhuunfaa fedhiin hooggantootaa fedhii ummataafi seera biyyaan olta`uun yeroo biyya hoogganudha. Seenaa dhala namaa keessatti olaantummaa nama dhuunfaa olaantummaa seeraa ol ta`ee yeroo mul`achaa tureeru nijira. Kana irraa ka'uun sirnoota akkasii keessatti namootni dhuunfaan aangoo isaaniitti fayyadamuun fedhii isaanii guuttachuuf namoota biroo hidhaa, dararaa, ari'achaafi qabeenya isaanii saamaa turaniiru. Kanaaf, aangoo siyaasaatiif jecha seera akka meeshaatti fayyadamuun olaantummaa isaanii agarsiisaa turaniiru. Fakkeenyaaf, sirna bulchiinsa gonfoo keessatti mootiin yookaan mootittiin aangoo seeraan hindaangofne waan qabuuf/qabduuf seera kamiinuu hingaafatamu/tu.

Olaantummaan seeraa immoo faallaa olaantummaa nama dhuunfaati. Olaantummaan seeraa namni kamiyyuu seeraaf abboomamuufi seeraa ol akka hintaane kan argisiisudha. Sirna olaantummaan seeraa mirkanaa'e keessatti aangoon hoggantootaa seeraan kan daanga`edha.

Kunis, qajeeltoowwan olaantummaa seeraa hojiirra oolchuun kan ibsamudha. Qajeeltoowwan olaantummaa seeraa keessaa ijoon kanneen armaan gadiiti.

1. Seerri hoggantootaafi ummata irratti walqixa hojii irra oola.
2. Hoggantoonniifi ummanni seera fuulduratti walqixa.
3. Namni shakkame kamiyyuu, hanga himata mana murtii adeemsa seeraa hordofeen itti murtaa'utti dogoggoraan adabamuu hinqabu.
4. Namni himatame tokko hanga seeraan mirkanaa'utti akka nama shakkamaafi bilisa ta`eetti ilaalama.
5. Namni himatame tokko murtee isa irratti darbe yoo itti hinamanne qaama ittaanuuf oliyyannoo gaafachuu danda`a.
6. Bulchiinsi mootummaa akkaataa heerri jedhuun hogganuu qaba.
7. Amantaafi gochi nama dhuunfaa mirgoota bu`uuraa heera keessatti kennaman sarbuu hinqaban. Tumamuuniifi hojiirra oolmaan seeraa sababa irratti kan hundaa'e ta'uu qaba.

## Hojii Garee

Gaaffilee armaan gadii irratti gareen mar`achuun dareef gabaasaa.

1. Dhabamuun olaantummaa seeraa rakkoo akkamii fiduu danda`a?
2. Mana barnootaa keessan keessatti mul'istoota dhabamuu olaantummaa seeraa ta'an yoo jiraatan tarreessi.

## 4.6 Danqaalee Olaantummaa Seeraa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- qajeeltoo olaantummaa seeraafi hojii irra oolmaa isaa nimadaalta.
- wantoota olaantummaa seeraa irratti danqaa ta`an adda nibaasta.




Daanqaaleen olaantummaa seeraa maal fa'i jettee yaadda?

Olaantummaan seeraa ibsitoota hawaasa dimokiraatawaa ta`an keessaa isa tokkodha. Seerri waan hundaa ol ta'uufi namni kamiyyuu seeraa olitti aangoo akka hinqabne kan ibsudha. Olaantummaan seeraa eenyummaafi bakka jireenyaa irratti hundaa'ee loogii osoo hintaasisiin lammiilee hunda ilaallata. Olaantummaan seeraa hoggantoota bulchiinsaafi gareewwan hawaasaa walqixa ilaallata. Wantoota olaantummaa seeraa irratti danqaa ta`an keessaa muraasni kanneen armaan gadiiti.

### A. Malaanmaltummaa

Malaanmaltummaan aangoo yookaan ittigaafatamummaa bulchiinsa mootummaafi ummataa faayidaa dhuunfaatiif oolfachuudha. Malaanmaltummaan hojiirra oolmaa olaantummaa seeraatiif gufuu isa guddaadha. Hoggantoonni mootummaa malaanmaltummaa dhabamsiisuuf fedhii yoo hinqabaanne, olaantummaan seeraa mirkanaa'uu hindanda'u. Malaanmaltummaafi ilaalchota tooftaa hannaa dhabamsiisuuf hawaasa amala badaa jibbu horachuun barbaachisaadha.



Fakkii:4.9 Gocha Malaanmaltummaa argisiisu

### B. Wallaalummaa

Namoonni baay`een hoggantoonni mootummaa yoo seera cabsan mana murtiitti gaafachuus ta`e balaaleffachuuf mirga qabaachuu isaanii hinbeekan. Lammiileen hubannaa yoo hinqabaanne; bulchitoonni mootummaa yoo seera cabsan nicallisu. Kanarraa kan ka`e olaantummaa seeraa sirnaan hojiirra oolchuun hindanda'amu. Kanaaf, wallaalummaan hojiirra oolmaa olaantummaa seeraatiif gufuu isa guddaadha.

### C. Hoggansa Ga'umsa Hinqabne

Hoggantoonni ga'umsa hinqabne, aangoo ummataa bu'aa dhuunfaadhaaf akka hinoolchine sababa isaan daangessuuf olaantummaa seeraa nijibbu. Hoggantoonni akkanaa ummata miidhuun waa`ee fedhiifi faayidaa dhuunfaa isaaniif dhiphatu. Kanaaf hoggansi ga'umsa hinqabne wantoota olaantummaa seeraatti danqaa ta'an keessaa tokkodha.

### D. Jaalala Biyyaa Dhabuu

Wantoota olaantummaa seeraa irratti gufuu ta`an keessaa tokko jaalala biyyaa dhabuudha. Lammiin biyya isaa hinjaalanne; fedhii dhuunfaatiif jecha seera cabsa. Akkasumas, gocha malaanmaltummaan bulchiinsa irraa fayyadamuu

barbaada. Kanaaf, biyya hiyyummaafi malaanmaltummaa irraa bilisa taate ijaaruuf lammii biyya isaa jaallatu, malaanmaltummaafi seeraan alummaa jibbu qabaachuun murteessa ta'a.

## Guduunfaa

Olaantummaan seeraa qajeeltoowwan dimokiraasii keessaa isa bu`uuraati. Lammiileen seera fuulduratti walqixa yaadni jedhu kan mirkanaa`u olaantummaa seeraatiini. Akka yaada kanaatti, lammiileen hundi seeraa fuulduratti walqixa ilaalamu jechuudha. Maddoonni seeraa isaan hangafoonni bakka afuritti qoodamu. Isaanis, heera, duudhaa, amantiifi safuufi qaama seera tumudha.

Olaantummaan seeraa yoo sirnaan hojii irra oole, lammiileen waa`ee mirgaafi bilisummaa isaanii nihubatu. Kabajamuun olaantummaa seeraa kan mul`atu seera haala walqixa ta`een hojii irra oolchuunidha. Olaantummaan seeraa olaantummaa nama dhuunfaa irraa addadha.

Seenaa keessatti, seeronni fedhii bulchitootaa irratti kan hundaa'an turan. Adeemsa keessa gara bulchiinsa mootummaa olaantummaan seeraa keessatti mirkanaa'eetti jijjiiramaa dhufan.

Olaantummaan seeraa hooggantoota bulchiinsaafi dhaabbilee bulchiinsaa irratti karaa adda addaan dhiibbaa niqabaata. Danqaalee olaantummaa seeraa keessaa gurguddoon malaanmaltummaa, wallaalummaa, hoggansa ga'umsa hinqabneefi jaalala biyyaa dhabuudha. Kanaaf, olaantummaan seeraa haala barbaadameen akka hojiirra ooluuf, walabummaan mana murtii, hoggansa ittigaafatamummaa qabu, jaalalli biyyaafi babal'achuun beekumsaa barbaachisaadha.

## Hiika Jechootaa

- **Malaammaltummaan-** aangoo yookiin ittigaafatamummaa bulchiinsa mootummaafi ummataa faayidaa dhuunfaatiif oolchuudha.
- **Sirna mana murtii-** sirna adeemsa seera hiikuufi waldhabdee karaa seeraan furuuti.
- **Haqummaa-** yaada karaa safuunis ta`e seeraan sirrii ta`eefi gocha loogummaa ofkeessaa hinqabnedha.
- **Qaama seera tumu-** qaamolee bulchiinsaa keessaa aangoo seera baasuu kan qabu.
- **Qaama seera hiiku-** qaamolee bulchiinsaa keessaa aangoo seera hiikuu kanqabu.
- **Safuu-** Safuun safartuu gocha dhala namaa ta`ee waan gaariifi badaa, waan sirriifi dogoggoraa kan adda baasudha.
- **Olaantummaa seeraa-** namni kamiyyuu seeraan bitamuu akka qabuufi seeraa ol akka hintaane kan ibsudha.
- **Olaantummaa nama dhuunfaa-** Aangoo siyaasaatiif jecha seera akka meeshaatti fayyadamuufi seeraan bitamuu dhiisuudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane ''Soba" jedhii deebisi.**

1. Biyya olaantummaan seeraa jiru keessatti lammiilee walqixa hirmaachisuun dirqama miti.
2. Biyya olaantummaan seeraa jiru keessatti namni kamiyyuu yakka raawwateef walqixa itti gaafatama.
3. Biyya dimokiraatawaa taate keessatti heerri seera olaanaa biyyaati.
4. Duudhaan hawaasaa maddoota seeraa keessaa tokkodha.
5. Aangoo seeraan ala fayyadamuun mallattoo kabajamuu olaantummaa seeraati.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Olaantummaa seeraa ilaalchisee dhugaa kan hintaane kami?
   A. Olaantummaan seeraa loogiin akka hinjiraanne taasisa.
   B. Manni murtii bilisummaan akka hojjetu gargaara
   C. Mirga dubbachuufi barreessuu daangessa
   D. Lammiileen ofiitti amanamummaafi walqixxummaan jiraatu.
2. Kabajamuun olaantummaa seeraa maaliin dhugooma?
   A. Nageenyiifi tasgabbiin jiraachuu
   B. Seerri haala walqixa ta`een hojiirra ooluu
   C. Bilisummaa mana murtii
   D. Hunduu deebiidha.
3. Hojiirra oolmaa olaantummaa seeraatiif danqaa kan hintaane kami?
   A. Malaanmaltummaa
   B. Wallaalummaa
   C. Hoggansa ga'umsa hinqabne
   D. Jaalala biyyaa

**Kutaa III: Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e gabaabsii barreessi.**

1. Itoophiyaan biyya seeraa malee biyya nama dhuunfaa miti jechuun maal jechuudha?
2. Walitti dhufeenyi olaantummaa seeraafi dimokiraasii maali?

# BOQONNAA 5

# Mirgoota Namummaa

## Seensa

Boqonnaa afur keessatti dhimmoota olaantummaa seeraan walqabataniifi olaantummaan seeraa kabajamuu mirga namummaaf gahee qabu barattee jirta. Boqonnaa shanaffaa kana keessatti immoo yaadrimee, amalootafi barbaachisummaa mirgoota namummaa baratta. Akkasunas ittigaafatamummaa mirgoota namummaa eegsisuu, waliigalteewwan mirgoota namummaafi gahee bulchiinsa mootummaa kabajamuu mirgoota namummaa keessatti qabu duraaduubaan baratta.

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**


- yaadrimee mirgoota namummaa addeessuu;
- amaloota mirgoota nammummaa ibsuu;
- barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa himuu;
- ittigaafatamummaa eegumsa mirgoota namummaa hubachuu;
- waliigaltewwan mirgoota namummaa tarreessuu;
- gahee bulchiinsa mootummaa mirgoota nammummaa irratti qabu ibsuu.

# 5.1 . Yaadrimee Mirgoota Namummaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- yaadrimee mirgoota nammummaa ni'ibsita;
- fakkeenya mirgoota nammummaa nitarreessita.

Mirgoota namummaa jechuun maal jechuudha? Eessaa madda?




Chaartii 5.1 Mirgoota nammummaa

Mirgootni namummaa mirgoota namni kamuu nama ta’uun qofa garaagarummaa tokko malee walqixa uumamaan argatuudha. Mirgootni namummaa duudhaalee kabaja namoomaa irraa maddanidha. Mirgoota namummaa keessaa gurguddoon:

- mirga lubbuun jiraachuu;
- mirga bilisummaa;
- mirga walqixxummaa;
- mirga walabummaan socho’uu;
- mirga icciitii jireenya dhuunfaa;
- walabummaa amantiifi;
- walabummaa yaadaa fa`i.

### Hojii Manaa

1. Yaadrimee mirgoota namummaa ibsi.
2. Mirgoota namummaa isaan gurguddoo fakkeenya fudhachuun dareef ibsi.

## 5.2 Amaloota Mirgoota Namummaa

**Ga’umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- amaloota ijoo mirgoota nammummaa nitarreessita;
- uumama mirgoota nammummaa ni’ibsita.

Mirgootni namummaa amala akkamii fa’a qabu?

Mirgi namummaa umamaan kan argamuu ta’ee amaloota armaan gadii qabaachuun ibsama.

## 1. Mirga waliigalaa ta`uu

Mirga waliigalaa jechuun mirgootni namummaa nama hundaaf garaagarummaa sanyii, bifaa, korniyaa, sabummaa, amantii, afaan, umrii, bakka jireenyaa, haala jireenyaafi haala fayyummaa qaamaatiin osoo hindaangeffamiin uumamaan kan kennamu ta`uu isaa agarsiisa. Kunis, mirgootni namummaa mirga yeroofi bakka hundatti kabajamuufi eegamuu qabanidha.



Fakkii:5.1 Mirgootni nammuummaa mirga waliigalaati

### Gaaffii Hubannoo:

1. Mirgi namummaa mirga waliigalaati jechuun maal jechuu akka ta'e irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

## 2. Dhalootaan kan argamu ta'uu

Mirgi namummaa mirga dhalootaan argamuudha. Kunis mirga eenyullee namaa kennus ta'e nama irraa fudhachuu hindandeenye jechuudha. Mirgi namummaa kan hinkennamne, hinbitamne, hindhaalamneefi nama ta'uun qofa uumamaan argamuudha. Fakkeenyaaf, mirgi lubbuun jiraachuu kan bitamu yokaan kan mootummaan namaa kennu osoo hintaane uumamaan dhala namaa hundaaf kan kennamudha.

### 3. Kan hinmulqamne ta'uu

Mirgi namummaa mirga dhala namaa hundaaf walqixa kenname ta'ee, eenyullee nama irraa fudhachuus ta'e, namaaf kennuu kan hindandeenyedha. Yoo haalli dirqisiisaan mirgoota kanneen seeraan daangesse malee, mirgi namummaa kan qaamni kamuu kennu yookiin fudhatu miti.

### 4. Kan adda hinbaaneefi walitti hidhamiinsa qabaachuu

Mirgootni namummaa adda kan hinbaaneefi walitti hidhatiinsa kan qabanidha. Sababni isaas mirgi namummaa inni tokko mirga namummaa kan biroo waliin kan walutubudha. Jecha biraatiin, mirga namummaa keessaa tokko yoo sarbame mirgoota namummaa hafan hojiirra oolchuun rakkisaadha jechuudha. Fakkeenyaaf, mirgi lubbuun jiraachuu mirga nyaata argachuufi jireenya gaarii jiraachuu waliin walqabata; mirgi tajaajila haqaafi hirmaannaa argachuu mirga carraa barnootaa argachuutiin walqabata. Kanaafuu, mirgootni namummaa kan adda hinbaane, kan walutuubaniifi kan hidhata cimaa qabanidha.

Hojii garee

1. Amaloota ijoo mirgoota namummaa irratti gareen mari'achuun dareef gabaasaa.

## 5.3 Barbaachisummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- barbaachisummaa mirgoota namummaa nitareessita**;**
- barbaachisummaa kabajamuu mirgoota namummaa itoophiyaa ni'ibsita.



Mirgoota namummaa kabajuun maaliif barbaachise?

Kabajamuun mirgoota namummaa ofitti amanamummaa waan cimsuuf sodaafi shakkii kutaalee hawaasaafi mootummaa giddu jiraachuu malu dhabamsiisa. Kunis, walamantaafi walhubannaa hawaasafi mootummaa guddisuun hawaasni galma waloof akka hiriiru haala mijeessa. Walumaagalatti, kabajamuun mirgoota namummaa haala, bakkaafi sadarkaa hundatti, walitti dhufeenya hawaasaa cimsuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Haala qabatama biyya keenyaanis, kabajamuun mirgoota namummaa baay'ee barbaachisaadha. Sababni isaas:

- ☞ haqummaafi guddina biyyaa mirkaneessuuf;
- ☞ misoomaafi nageenya amansiisaa mirkaneessuuf;
- ☞ ijaarsa sirna dimokiraasii dagaagsuuf;
- ☞ fedhiiwwan bu'uuraa ummataa guutuuf;
- ☞ mirgoota dubartootaa, daa'immaniifi qaama miidhamtootaa kabachiisuuf;
- ☞ mirga walqixxummaa carraa hojii lammiilee kabachiisuuf;
- ☞ mirga carraa walqixxunnaa lammiilee mirkaneessuuf.

**Gocha: Hojii garee**

1. Kunuunsi walqixaa lammiilee yoo hintaasifamne maaltu uumamu danda'aa? -
2. Barbaachisummaan kabajamuu mirgoota nammummaa maal?

Biyya tokko keessatti, mirgootniifi faayidaaleen lammiilee walqixa eegumsa yoo hinarganneefi gochi loogii yoo babal'ate, nageenyiifi misoomni amansiisaan hinjiraatu. Kanaafu, kabajamuun mirgoota namummaa haqummaa, ijaarsa sirna dimokiraasiifi, guddina biyyaa mirkaneessuuf barbaachisaadha.

## 5.4. Ittigaafatamummaa Eegumsa Mirgoota Namummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- mirgoota nammummaa eegsisuun dirqama eenyyuu akka ta'e adda baasta**;**
- dirqama lammilee kabajamuu mirgoota namummaa irratti qaban ni'ibsita.

Mirgoota namummaa eegsisuun dirqama eenyuuti?

Dhimmi mirgootni namummaa yeroo dheeraaf akka dhimma keessoo biyya tokkoo qofa ta'eetti fudhatamaa ture. Kana jechuun, hawaasniifi mootummootni addunyaa gochaalee sarbama mirgoota namummaa kanneen akka duguuggaa sanyii ittisuu keessatti qooda akka hinfudhanne dhorkamaa turan.

Haata'u malee, adeemsa keessa tumaataalee mirga namummaa eeguuf bahan keessatti mirgoota namummaa eeguun ittigaafatamummaa qaama hundaa ta'uun waliigalame.

Haala kanaan, labsii ittigaafatamummaa eegumsaa mirgoota namummaa miseensota mootummoota gamtoomaniin Fulbaana 16, bara 2005 A.L.A ragga`e. Labsii kanaan mirgoota namummaa kabajuufi kabajchiisuun haalduree tokko malee dirqama miseensota mootumoota gamtoomanii ta`uu mirkaneesse. Bu'uura labsii kanaan miseensonni mootummoota gamtoomanii gochaalee sarbinsa mirgoota namummaa kanneen akka duguuggaa sanyii, yakka waraanaafi yakka suukkanneessaa dhala namaarratti namoota dhuunfaanis ta'e mootummootaan raawwataman ittisuufi qolachuuf dirqama qabu.

Biyyootni miseensa mootummoota gamtoomanii hundi gochaalee sarbamuu mirgoota namummaa ittisuuf dirqama walqixaa qabu. Itoophiyaanis akka miseensa dhaabbata mootummoota gamtoomaniitti lammiilee ishee gochaalee sarbinsa mirgoota namummaan walqabatan irraa eeguuf dirqama qabdi.

Bu'uura labsii eegumsa mirgoota namummaatiin mootummaan biyya tokkoo sarbama mirgoota namummaa to'achuu yoo dadhabe, mootummootniifi hawaasni addunyaa gidduu seenuun tarkaanfii fudhachuu qaba. Dabalataanis, labsichi hawaasni addunyaa dirqama waloo karaa mana maree nageenyaa mootummoota gamtoomaniitiin tarkaanfii yeroo isaa eeggate fudhachuu akka qabu ibsa.

## Hojii manaa

Gochaalee mirgoota namummaa sarban yoo uumamee to'achuufi tarkaanfii fudhachuun gahee eenyudha?

# 5.5. Waliigalteewwan Kabaja Mirgoota Namummaa

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- waligalteewwan mirgoota namummaa addunyaaleessaa adda baasta;
- waligalteewwan mirgoota namummaa ardii Afrikaa nitarreessita;
- dhaabbileen mirgoota namummaa Itoophiyaa ni'ibsita.

Waliigalteewwan mirgoota namummaa beektu himi?

Waliigalteewwan, labsiiwwanifi qajeelfamootni Dhaabbata Mootummoota Gamtoomaniin yeroo adda addaatti bahan meeshaalee kabajamuu mirgoota namummaa ta'uun tajaajilaa jiru. Waliigalteewwan kanneenis sadarkaa idil-adunyaa, ardii Afrikaafi biyyaatti mallatteeffamanifi fudhatama argachuun hojiirra oolaa jiru.



Fakkii: 5.2. Sirna waliigaltee eegumsa mirgoota namummaa Dh.M.G

Biyyootni baay'een waliigalteewwan mirgoota namummaa idil-addunyaa mallatteessaniiru.  Fakkeenyaaf, labsiin mirgoota namummaa addunyaa bara

1948 A.L.A labsame seenaa mirgoota namummaa keessatti ragaa isa bu'uurati. Labsiin kunis meeshaa waloo eegumsa mirgoota namummaa biyyootaafi hawaasa addunyaa ta'ee kan tajaajiludha.



Fakkii: 5.3 Sirna waliigaltee eegumsa mirgoota namummaa Dh.T.A

Dhaabbileen mirgoota namummaa sadarkaa ardii Afrikaa jiranis labsii eegumsa mirgoota namummaa qopheessuun sochii taasisaa jiru. Waliigalteewwaniifi labsiiwwan akka Afrikaatti bahan kunis waliigalteewwan sadarkaa idil-addunyaatti bahan hojiitti hiikuuf kan kaayyeffamanidha.

Waliigalteen mirgoota namummaa inni jalqabaa sadarkaa Ardii Afrikaatti taasifame kan bara 1981 A.L.A Chaartera Mirga Namummaafi Ummattoota Afrikaa jedhaamuun beekamudha. Chaarterri kunis waliigalteewwaniifi labsiiwwan sadarkaa Idil-addunyaa akkasumas, duudhaalee aadaa ummata Afrikaa kan ofkeessatti hammatedha.

Biyya keenya keessattis, eegumsi mirgoota namummaa beekamtii seeraa erga argatee bubbuleera.

Fakkeenyaaf tokko sadaffaan heera MFDRI bara 1995 A.L.A waa'ee kabajamuu mirgoota irratti kan xiyyeeffatudha. Mirgootniifi bilisummaawwan bu'uuraa heera kana keessatti hammataman qajeeltoowwan waliigalteewwan mirgoota namummaa Idil-addunyaa biyyattiin mallatteessite irratti kan hundaa'anidha.

Itoophiyaa keessatti tumaataalee heeraafi waliigalteewwan mirgoota namummaa hojiitti hiikuufis, dhaabbileen mirgoota namummaa kanneen akka Komishinii Mirgoota Namummaa Itoophiyaafi Dhaabbata Abbagaar Ummataa hundeeffamuu danda'aniiru.

Fakkii: 5.4 Dhaabbilee Mirgoota Namummaa Itoophiyaa

### Hojii piroojektii Garee

waliigalteewwan mirgoota namummaa sadarkaa addunyaa, Ardii Afrikaafi Itoophiyaa irratti gareen odeeffannoo funaanuun gabaasa dareef dhiyeessaa

## 5.6. Gahee Bulchiinsi Mootummaa Kabajamuu Mirgoota Namummaa Keessatti qabu

Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:

- maalummaa dhugomuu mirgoota namummaa ni'ibsita;
- gahee bulchinsa mootuummaa kabajamuu mirgoota namummaaf qabu nitarreessita.

Gahee bulchiinsa mootummaa dhugoomu mirgoota namummaaf qabu beektu himi

Biyyoota hunda keessatti ittigaafatamummaan mootummaa inni ijoon mirgoota namummaa kabajuu, kabachiisuu, eeguufi eegsiisudha. Biyyoonni waliigaltee mirgoota namummaa mallatteessan hundi dirqama mirgoota namummaa eeguu, eegsiisuufi yeroo sarbaman immoo tarkaanfii fudhachuun sirreessuu kan qaban ta'uu waliigaltee kana keessatti tumameera.

Mootummaan mirgootni namummaa sarbamuun dura eegumsaa gochuu qaba. Fakkeenyaaf namni sababa yakka raawwateen to'annaa seeraa jala jiru kamiyyuu irratti gocha sarbama mirga namummaa raawwachuun dhorkaadha. Mootummaan lammiilee isaa gochalee sarbinsa mirgaa kanneen akka shororkeessummaa irraa eeguuf dirqama qaba.

Mootummaan seerota mirgoota namummaa jajjabeessan tumuufi dhimma mirgoota namummaa irratti hubannoo lammiilee cimsuuf dirqama qaba. Kanaaf ammoo, mirga carraa barnootaa argachuu lammiilee akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

**Gilgaala**

Gahee polisii, abbaa seeraafi qaamoleen biroo kabajamuu mirgoota namummaa keessatti qaban maatii gaafachuun hojjadhu.

## Guduunfaa

Mirgoonni namummaa mirga dhalli namaa hundi umamaaan nama ta'uu isaatiin qofa garaagarummaa amantii, afaan, koorniyaa, sanyiifi sabummaa irraa bilisa ta'een umamaan kan argatudha. Mirga namuummaa gonfachuuf nama ta'uu qofaan gahaadha. Biyyoonni addunyaa hundi biyya lammileef mijaawaa taate uumuuf yaadota mirgoota namummaa hojiitti hiikuutu irra jiraata.

Kabajamuun mirgoota namummaa tarkaanfiiwwan ijoo kan akka lammilee aangeessuu, waligalteewwan akka addunyaatti mallattaa'an fudhachuufi hojiirra oolchuu hammata. Mootummaan kabajamuu mirgoota namummaaf qaama ijoo ta'us; hawaasni Idil-addunyaa marti mirgoota kana eegsisuuf dirqama safuu qabu. Kunis, nageenya amansiisaafi misooma mirkaneessuuf barbaachisaadha.

## Hiika Jechootaa

Dh.M.G: Dhaabbata Mootummoota Gamtoomani
Dh.T.A: Dhaabbata Tokkummaa Afriikaa
A.L.A. Akka lakkoofsa Awurooppaanota

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane ''Soba" jedhii deebisi.**

1. Mirgoonni namummaa mirga uumamaan dhala namaa hundaaf kennamanidha.
2. Mirgootni namummaa mootummaadhaan kennamu.
3. Labsiin mirgoota namummaa Idil-adunyaa bara 1948 ALA ragga'e.
4. Heera Itoophiyaa bara 1995 A.L.A tumame keessatti harki tokko sadaffaan waa'ee mirgoota namummaati.
5. Labsiin mirgoota namummaa ardii Afrikaa bara 1995 ALA ragga'e.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.**

1. Kanneen armaan gadii keessaa garee mirgoota namummaa kan hintaane kami?
   - A. Mirga siyaasaa
   - B. Mirga namoomaa
   - C. Mirga dinagdee
   - D. Deebiin hinkennamne
2. Amaloota mirgoota namummaa kan ibsu kami?
   - A. Mirga waliigalaa ta'uu
   - B. Dhalootaan argamuu
   - C. Walqixa kennamuu
   - D. Hunda
3. Mirga namummaa dhala nama hundaafi iddoo hundatti kennamu kan agarsiisu kami?
   - A. Walqixa kennamuu
   - B. Mirga waliigalaa ta'uu
   - C. Kan hinmulqamne ta'uu
   - D. Walitti hidhamiinsa qabaachuu
4. Mirgoota namummaa kabajuufi kabachiisuuf qaamni ittigaafatamummaa qabu kami?
   - A. Mootummaa
   - B. Ummata
   - C. Dhaabbilee mirgoota namummaa
   - D. Hunda
5. Kanneen keessaa kamtu dhaabbata mirgoota namummaa Idil-adunyaati?
   - A. Labsii Mirgoota namummaa kan guutuu Addunyaa
   - B. Chaartara mirgoota namummaafi ummattoota Afrikaa
   - C. Heera Mootummaa Federaalawaa Dimokiraatawaa Rippuublikii Itoophiyaa.
   - D. Hunda

# BOQONNAA 6 Qooda Fudhannaa Hawaasaa

## Seensa

Boqonnaa shanaffaa keessatti waa`ee mirgoota namummaa baratteetta. Boqonnaa kana keessattimmoo maalummaa qooda fudhannaa hawaasaa, barbaachisummaa qooda fudhannaa hawaasaa, faayidaa tajaajila tola ooltummaafi akaakuuwwan qooda fudhannaa hawaasaa duraaduubaan baratta.

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**

- maalummaa qooda fudhannaa hawaasaa ibsuu;
- barbaachisummaa qooda fudhannaa hawaasaa himuu;
- faayidaawwan tajaajila tola ooltummaa hubachuu;
- akaakuuwwan qooda fudhannaa hawaasaa himuu.

## 6.1 Maalummaa Qooda Fudhannaa Hawaasaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- maalummaa qooda fudhannaa hawaasaa nihiikta;
- yaadrimee qooda fudhannaa hawaasaa ibsita;
- qooda fudhannaa hawaasaa nidinqisiifatta.

Qooda fudhannaa hawaasaa jechuun maal jechuudha?

Qooda fudhannaan hawaasaa hirmaannaa cimaa lammiileen dhimmoota siyaasaa, dinagdeefi hawaasummaa keessatti taasisaniin ibsama. Adeemsi akkasii kun immoo bulchiinsi mootummaafi dhaabbileen adda addaa hawaasa waliin hojjachuun rakkoolee hawaasaa furuuf haala mijataa uumudha. Kanaaf, qooda fudhannaan hawaasaa yaa'insa odeeffannoo gam-lamee kan barbaadudha.

Qooda fudhannaan hawaasaa hirmaannaa qaamolee hawaasaa hunda kan gaafatu ta`ee fedhiifi faayidaa dhuunfaa caalaa faayidaa waloo hawaasa bal`aaf dursa kan kennudha.



Fakkii 6.1 Dhimma waloo irratti marii hawaasaa

## Hojii garee

1. Yaadrimee maalummaa qooda fudhannaa hawaasaa armaan olitti dhiyaate irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessi.

## 6.2 Barbaachisummaa Qooda Fudhannaa Hawaasaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- barbaachisummaa qooda fudhannaa hawaasaa ni'ibsita;
- bu'aawwan qooda fudhannaa hawaasaa nitarreessita.

Qooda fudhannaan hawaasaa maaliif barbaachisa?

Qooda fudhannaan hawaasaa jiruufi jireenya hawaasaa fooyyessuun misooma dinagdee, siyaasaafi hawaasummaa biyya tokkoo mirkaneessuuf barbaachisaadha. Kanaaf, adeemsa rakkoo hawaasaa furuu keessatti, lammiileen rakkoo adda baasuu, yaada furmaataa kennuu, qabeenya barbaachisu ramaduufi murtoo kennuu keessatti hirmaachuun irraa eegama. Sababoota qooda fudhannaa hawaasaa barbaachisaa taasisan keessaa kanneen ijoo ta'an armaan gaditti ibsamaniiru.

### 1. Beekumsa xabboo hawaasa keessa jirutti fayyadamuuf

Beekumsa xabboo jechuun maal jechuudha?

Beekumsa xabboo jechuun beekumsaafi muuxannoo, duudhaafi amantaa hawaasaa irratti hundaa'ee kan uumameefi ummatichi kan waliin qabudha. Hawaasa dhimmoota adda addaa irratti hirmaachisuufi yaada akka kennan taasisuun beekumsaafi muuxannoo hawaasa keessa jiru fayyadamuuf gargaara. Kun immoo, ummatni dhimma isaa irratti akka qaama murteessaa ta'etti akka ofilaalu taasisa. Dabalataanis, furmaanni beekumsaafi muuxannoo hawaasaa irratti hundaa'ee kennamu qabatamaafi bu'a qabeessa ta'a. Kana malees, hojiin karoorfame fudhatama argachuun akka milkaa`u gargaara. Kanaafuu, ogummaafi beekumsa hawaasa keessa jiru fayyadamuun barbaachisummaa qooda fudhannaa hawaasaa keessaa isa tokkodha. Fakkeenyaaf, beekumsa xabboo daagaa hidhuu, ijaarsa manaa, hojii meeshaalee aadaa, hojii sibiilaa, wayyaa dhahuu fa'a tarreessuun nidanda'ama.

Hojii Piroojektii:

Beekumsa xabboo hawaasa naannookee keessa jiran irratti odeeffannoo funaanuun dareef dhiyeessaa.

## 2. Walamantaa Dagaagsuu

Qooda fudhannaan hawaasaa haala kamiin walamantaa dagaagsa?-

Qooda fudhannaan hawaasaa caasaalee mootummaafi ummataa gidduutti walhubannaa uuma. Dabalataan, bulchiinsi mootummaafi jaarmiyaaleen hawaasaa maal akka hojjachaa jiraniifi hojjachuuf karoorfatan qooda fudhattootaaf odeeffannoo kenna. Hariiroon kun walamantaa hawaasa, bulchiinsa mootummaafi dhaabbilee miti-mootummaa gidduu jiru dagaagsa.

Walamantaa cimsuu keessatti iftoominniifi dhugummaan gahee olaanaa qaba. Kanaafuu, mootummaafi dhaabbileen hawaasaa hojii hojjatan irratti odeeffannoo sirrii ta’e hawaasaaf kennuun walamantaa gidduu isaanii cimsuun barbaachisaadha.

## 3. Lammiilee Aangessuu

Lammiilee aangessuu jechuun maal jechuudha?

Qooda fudhannaan hawasaa lammiileen dhimmoota hawaasaa keessatti ittigaafatamummaa akka fudhataniifi furmaata akka barbaadan jajjabeessa. Gareewwan hawaasaa hirmaannaa irraa dhiibamanii turanis akka carraa argatan taasisa. Kun immoo hawaasa gara galma walootti fiduun aangessuu danda’a.

## 4. Rakkoo Furuu

Lammiileen karaa qooda fudhannaa hawaasaatiin dandeettii rakkoo furuufi murtoo kennuu gabbifachaa deemu. Kunis tajaajila qulqullina qabu, bu’a

qabeessaafi hunda hammataa kennuuf murteessaadha. Kanaafuu, karaa qooda fudhannaa hawaasaatiin; lammiileen dandeettii rakkoolee uumaman kallattii adda addaatiin madaaluun furmaata sirrii ta'e kennuu gonfatu.



Fakkii 6.2 Qooda fudhannaa lammiilee

## Hojii manaa

1. Rakkoolee manni barnootaakee qabu tarreessi.
2. Rakkoo kana furuun gahee eenyuuti jettee yaadda?

## 6.3 Faayidaawwan Tajaajila Tola Ooltummaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- jecha tola ooltummaa jedhu nihiikta;
- faayidaalee tola ooltummaa ni'addeessita;

Tajaajilli tola ooltummaa maali?

Tola ooltummaan tajaajila hawaasaa ta'ee dhuunfaan yookan gareen ta'uun kaffaltii malee humna, yeroo, maallaqa, beekumsaafi dandeettii qabaniin namoota gargaaruudha. Tajaajilli tola ooltummaa hojii idilee namni tokko dhaabbataan galii argachuuf hojjatu irraa adda. Namootni tajaajila tola ooltummaa keessatti qooda fudhatan tola ooltota jedhamu.

Ka'umsiifi kaayyoon tajaajila tola ooltummaa rakkoolee hawaasaa furuudha. Kunis, namoota dhuunfaafi hawaasa rakkoo keessa jiran gargaaruuf tarsiimoo murteessaadha. Fakkeenyaaf, dhimmoota hawaasummaa kanneen akka manguddoota gargaaruufi kunuunsa naannoo keessatti qooda fudhachuu eeruun nidanda'ama.




Fakkii 6.3 Barattoonni biqiltuu dhaabuun tajaajila tola ooltummaa yeroo kennan

Akka waliigalaatti, tajaajilli tola ooltummaa tola ooltotaafis faayidaalee hedduu kan qabu yoo ta'u, isaan keessaa kanneen gurguddoon armaan gaditti ibsamaniiru.

### A. Namoota biroo waliin walbaruuf carraa uuma

Nama kana dura walhinbeekneen walbaruun faayidaa maali qaba jettee yaadda?

Tola ooltummaan namootni umrii, sabummaafi garee hawaasaa walitti dhufeenya hinqabne akka walbaraniif carraa uuma. Kunis, namoota muuxannoo jireenyaa garaagaraa irraa dhufan waliin walnama barsiisa. Akkasumas, hariiroo haaraa uumuufi kan duraan jiru jabeessuufis murteessaadha. Kanaafuu, tola ooltummaan namoota fedhiikee hubatan, hiriyyaa baay'ee jaallattuufi waliin jiraachuu dandeessu waliin walsibarsiisuu danda'a.



Fakkii 6.4 Hojii tola ooltummaa barattootaa

### B. Ofitti amanamummaa dagaagsa



Tajaajjilli tola ooltummaa haala kamiin ofitti amanamummaa dabala jettee yaadda?

Tola ooltummaan miira ofitti amanamummaa guddisa. Kunis, waa'eekee waan gaarii akka yaaddu, jireenyaafi galma gara fuulduraa irratti hubannoo sirrii akka qabaattu sigargaara. Haala kanaan, namoota haaraa waliin walitti dhufeenya cimsuun dandeettii namaan waliigaluu gabbisa.

## C. Kaayyo qabeessa nama taasisa

Tola ooltummaan rakkoolee hawaasaa hiikuuf carraa guddaa uuma. Kun immoo, miira kaayyoo qabaachuu namatti hora. Kana malees, jireenya hiika qabeessaafi mul'ata gaarii akka qabaannu nutaasisa. Fakkeenyaaf, dargaggootni araada adda addaa irraa fagaatanii barnoota isaaniitti akka milkaa'an isaan gargaara.

## D. Jiruufi jireenya gara fuulduraatiif

Tola ooltummaan dandeettiiwwan barbaachisoo kanneen akka karoorsuu, qindeessuu, waliin hojjachuufi rakkoo furuu nama gonfachiisa. Kun immoo, jiruufi jireenya fuula duraa keessatti dorgomaa ta'anii argamuuf haala mijataa uuma.

### Hojii manaa

Maatiin kee hojii tola ooltummaa irratti hirmaatanii beekuu? Yoo hirmaataniiru ta'e, muuxannoo isaanii gaafachuun dhiyeessi.

### Haadha Nama Hundaa

Aadde Abbabech Goobanaa bara 1938 naannoo Oromiyaa godina Shawaa Kaabaatti dhalatte. Haata'u malee, yeroo booda iddoo jireenya ishee jijjiiruun gara magaalaa Finfinneetti dhufte. Harmeen tun bara 1972 gara kaaba Itoophiyaa kutaa bulchiinsa Wallootti imaltee osoo deebi'aa jirtuu daa'imman sababa beelaatiin sadarkaa du'aa irra jiran lama argitee fudhattee galte. Baruma kana daa'imman biroo rakkoo walfakkaatu keessa turan dabalataan manatti fudhachuun guddisuu eegalte.

Adde Abbabech daa'imman akkasii kana guddisuuf jecha humna, qabeenya, yeroofi jireenya ishee aarsaa gooteen maqaa 'Haadha Nama Hundaa'jedhu argattee jirti.

Adeemsa keessas, wiirtuulee dhaabbata kunuunsaafi guddisa daa'immanii hundeessuun daa'imman maatii dhabeeyyiifi harka qalleeyyii ta'an gargaaruu eegalte. Qabeenya dhuunfaa gahaa dhabdullee waanuma qabduuniifi kennaa adda addaa namootaafi dhaabbilee irraa argatteen daa'imman kanniin guddisuuf oolchaa turte.

Aadde Abbabech hojii tola ooltummaa keesssatti umrii ishee guutuu gumaacha olaanaa taasisteen bara 2010tti Yuunivarsiitii Jimmaa irraa beekamtii "Doktora Kabajaa" argatte jirti. Haala kanaan, Doktorri kabajaa tun mallattoo gaarummaafi tola ooltummaa taatee seenaa irratti galmaa'uu dandeesseetti.



Fakkii 6.5 Doktora kabajaa Abbabech Goobanaa Daa'imman Ishee Waliin



Piroojektii Garee

1. Qordhimma kanarraa waan hubattan ibsaa.
2. Naannoo keessanitti  seenaa tola ooltummaa kana fakkaatu odeeffachuun gabaasaa.

# 6.4 Akaakuuwwan Qooda Fudhannaa Hawaasaa

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- akaakuuwwan sadeen qooda fudhannaa hawaasaa nihimta;
- qooda fudhannaa hawaasaa gama siyaasaatiin jiru nitarreessita;
- qooda fudhannaa hawaasaa gama hawaasummaafi diinagdee walbira qabuun nimadaalta.

Qooda fudhannaan hawaasaa karooraafi tooftaan kan hogganamu ta'ee, yeroofi baajataan deggaramee kan raawwatamudha. Qooda fudhannaan kunis akaakuuwwan gurguddoo sadan armaan gadiin ibsamuu danda'u.

## 1. Qooda Fudhannaa Gama Hawaasummaa

Qooda fudhannaan hawaasummaa maali?

Qooda fudhannaan gama hawaasummaa tajaajila hawaasummaa kanneen akka nageenyaa, barnootaa, fayyaa, bishaan dhugaatii, geejjibaa, ibsaafi kan kana fakkaatan irratti hirmaannaa lammiileen taasisaniin ibsama. Kunis, qooda fudhattoota kanneen akka namoota dhuunfaa, gareewwan hawaasaa, dhaabbilee mootummaafi miti-mootummaa ofkeessatti hammata.




Fakkii 6.6. Hirmaannaa hawaasummaa

## 2. Qooda Fudhannaa Gama Siyaasaa

Qooda fudhannaa siyaasaa jechuun maal jechuudha?

Qooda fudhannaan siyaasaa hirmaannaa lammiileen dhimmoota siyaasaan walqabatan irratti taasisan kan ilaallatudha.

Kana malees, qooda fudhannaan siyaasaa kallattiinis ta'ee alkallattiin, hirmaannaa kanneen akka bakka bu'oota filuufi filatamuu, imaammata bocuu, walga'ii siyaasaa hirmaachuu, dhaabbilee siyaasaa keessatti miseensummaan ijaaramuu, hiriira nagaa bahuufi kan kana fakkaataniin ibsama. Kanaafuu, hirmaannaan siyaasaa ijaarsa sirna dimokiraasiitiif bu'uura waan ta'eef lammiileen dhimmoota siyaasa biyyaa keessatti si'aayinaan hirmaachuu qabu.



**Fakkii 6.7 Qooda fudhannaa lammiilee gama siyaasaan**

## 3. Qooda Fudhannaa Gama Dinagdee

Qooda fudhannaan dinagdee maali?

Qooda fudhannaan dinagdee adeemsa sochii dinagdee keessatti hirmaachuun ibsama. Kunis, adeemsa lammiileen imaammata, karooraafi tooftaa misooma dinagdee mootummaan baasu keessatti si'aayinaan hirmaachuu agarsiisa. Kun immoo fayyadamummaa lammiilee dhugoomsuuf gargaara.

Kanaafuu, mootummaanis ta'e dhaabbileen miti mootummaa, qooda fudhannaa hawaasni gama dinagdeen taasisu jajjabeesuufi deggaruun irraa eegama. Walumaagalatti, sochii dinagdee keessatti qooda fudhannaan hawaasaa bu'aawwan armaan gadii qaba.

- baasii piroojektii xiqqeessa,
- uwwisa tajaajilaa babal'isa,
- hoggansa ogummaa dinagdee jajjabeessa,
- ittifufiinsa piroojektootaa foyyessa,
- haqa qabeessummaa fayyadamummaa fooyyessa,
- fudhatamummaa hojii piroojektootaa dabala.



Fakkii 6.8 Qooda fudhannaa dinagdee

## Guduunfaa

Qooda fudhannaan hawaasaa dhimmoota hawaasaa gama hundaan jiru keessatti qaamoleen dhimmi ilaallatu hundi kallattiinis ta'ee alkallattiin si'aayinaan hirmaachuu kan agarsiisudha. Kunis, guddinaafi misooma hawaasaa mirkaneessuu keessatti gahee olaanaa qaba.

Qooda fudhannaan hawaasaa jiruufi jireenya hawaasaa fooyyessuuf barbaachisaadha. Kanaafuu, qooda fudhannaan hawaasaa beekumsa xabboo fayyadamuu, walamantaa dagaagsuu, lammiilee aangessuufi rakkoo hawaasaa furuu keessatti murteessadha. Tola ooltummaan qooda fudhannaa hawaasaa keessaa isa tokko ta'ee, yeroo, qabeenya, humna, beekumsaafi dandeettii dhuunfaa yookan gareen kaffaltii malee gumaacha taasisuudha. Dabalataanis, qooda fudhannaan hawaasaa faayidaawwan kanneen akka; carraa namoota haaraan walbaruu, ofittamanamummaa dagaagsuu, kaayyo qabeessa ta'uufi jireenya hawaasaa fooyyessuu keessatti shoora guddaa taphata. Gama biraatiin, qooda fudhannaan hawaasaa akaakuuwwan hirmaannaa gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen ibsamuu danda'a.

## Hiika Jechootaa

- **Qooda fudhannaa hawaasaa-** hirmaannaa lammiileen dhimmoota biyya isaanii keessatti taasisanidha.
- **Tola ooltummaa-** lammiileen fedhiin kaffaltii malee tajaajiila hawaasaa kennuu ibsa.
- **Beekumsa xabboo-** beekumsaafi muxannoo ganamaa hawaasa keessatti argamudha.
- **Ofitti amanamummaa-** ejjennoofi kutannoo sirrii namni tokko mataa isaatiif qabudha.

## Gaaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e "Dhugaa" yoo sirrii hintaane ''Soba" jedhii deebisi.**

1. Qooda fudhannaan hawaasaa adeemsa gam-tokkeedha.
2. Waliigalteefi hariiroon misooma hawaasaatiif barbaachisaadha.
3. Galma ga'iinsa hirmaannaa hawaasaatiif, gareen muraasni qofti hirmaachuu qabu.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu**.

1. Kanneen armaan gadii keessaa faayidaa tajaajila tola ooltummaa kan ta'e kami?
   A. Namoota biroo waliin walbaruuf carraa hinuumu
   B. Ofitti amanamummaa dagaagsa
   C. Kaayyo qabeessa nama taasisa
   D. Jiruufi jireenya gara fuulduraatiif
2. Kamtu barbaachisummaa qooda fudhannaa hawaasaa miti?
   A. Ummanni akka qaama adeemsichaatti akka ofilaalu taasisuu
   B. Ummanni murtoo abootii aangoo callisanii fudhachuu
   C. Ummanni rakkoo isa mudatu furuuf gumaacha olaanaa gochuu
   D. Carraa hawaasni galma barbaadu bira ga'uu olkaasuu
3. Himoota armaan gadii keessaa tola oltummaa ilaalchisee kamtu dhugaadha?
   A. Kaffaltiidhaan ittigaafatamummaa bahachuu
   B. Hojii dirqamaan raawwatamu
   C. Deeggarsa fedhiin namoota birootiif taasifamu
   D. Hunda

**Kutaa III: Gaaffilee armaan gadiif deebii sirrii ta'e gabaabsii barreessi.**

1. Faayidaa tola oltummaan nama tajaajila sana kennuufi fudhatuuf qabu maali?
2. Kallattiiwwan qooda fudhannaa hawaasaa walbira qabuun madaali.

# BOQONNAA 7

# Gadfageenyaan Yaaduu

## Seensa

Boqonnaan kun boqonnaa isa dhumaa kutaa kanaati. Boqonnaa kana keessatti maalummaa gadfageenyaan yaaduu, barbaachisummaafi dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu baratta.

**Bu'aalee barachuu barnoota boqonnaa kanaa:**

- maalummaa gadfageenyaan yaaduu addeessu;
- barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu ibsuu;
- dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu agarsiisu.

## 7.1. Maalummaa Gadfageenyaan Yaaduu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- hiika gadfageenyaan yaaduu nikennita;
- kaayyoo xinxalaa ni'ibsita;
- maddawwan odeeffannoo adda baasta.



Gadfageenyaan yaaduu jechuun maal jechuudha?

Gadfageenyaan yaaduun dandeettii odeeffannoo sirnaan xiinxaluun murtoo sababaan deggarame kennuuti. Kana jechuun odeeffannoo madda adda addaarraa argamu walaba ta'anii xiinxaluudha. Murtoo sirriifi walaba ta'e kennuuf odeeffannoo maddeen garaagaraa irraa argamu walbira qabanii ilaaluun murteessaadha.

Odeeffannoon maddeen adda addaarraa argamuu danda'a. Maddeen Kanneen keessaa muraasni hiriyyaa, barsiisaa, ollaa, televiizhiinii, raadiyoo, gaazeexaa, kitaaba, fiilmii, miidiyaalee hawaasaafi kanneen kana fakaatan fa'a. Odeeffannoon madden kanneen irraa argamu hundi dhugummaa qabaachuu dhiisuu danda'u. Kunis, maddeen odeeffannoo sirriin akkuma jiran; maddeen oddeeffannoo sobaafi ragaalee gahaa hinqabnes nijiru. Kanaafuu, odeeffannoo maddeen kanneen irraa argaman hunda sirnaan qaacceesuufi xiinxaluun barbaachisaadha.

## Qordhimma

Barsiisaan barnoota lammummaa mataduree Sirna Kolonii irratti barattoota garee qerreensaafi leencaa garee maqaa jedhuun akka walfalman taasiise. Gareen qeerransaa sirni bulchiinsa kolonii mirgoota namummaa sarbaa tureera ejjannoo jedhuun falman. Gareen kun sirni kolonii sirna cunqursaa waan ta'eef mirgoota namummaa kan akka mirga yaada ofii bilisaan ibsachuu, mirga walqixxummaa, mirga hiree ofii ofiin murteeffachuufi kan kana fakaatan sarba ture jechuun yaada falmii dhiyeessan.

Gareen leencaa immoo sirni kolonii biyya tajaajila hawaasummaa kan akka mana barnootaa, bishaan dhugaatiifi daandii jaaruun hawaasa hiyyummaafi doofummaa keessaa baasuuf tattaaffii taasisaa turan yaada jedhu dhiyeessuun falman. Akka yaada garee leencaatti koloneeffattoonni biyyoota hiyyeeyyiif daandiifi riqicha adda addaa ijaaraniiru. Kanaafuu sirni bulchiinsa kolonii barbaachisaadha yaada jedhu dhiyeessan.

Gareen qeerransaa immoo yaada garee leencaa kana faallessuun sirbi bulchiinsa kolonii daandiifi riqiicha kan ijaaran uummata cunqursuufi qabeenya isaa saamuuf malee ummataaf yaadanii miti jechuun morman.

## Hojii Garee

Akka qordhimma kanaatti garee kamtu yaada amansiisaa dhiheessee?
Ati garee kam deeggarta? Maaliif?

Qordhimma kana keessattii wantii xiyeeffatamuu qabuu dandeettii barattootni falmii gaggeessan irratti yaada sababaan deggaranii dhiyeessuudha. Namootni dandeettii gadfageenyaan yaaduu qaban odeeffannoo dhugaafi odeeffannoo dhugaa hintaane adda baasuun murtoo kennuufi rakkoo hiikuu danda`anidha. Namni tokko dandeettii gadfageenyaan yaaduu qaba kan jedhamu yoo odeeffannoo dhugaafi soba sirnaan madaalee adda baasuu danda'edha. Kana jechuun gadfageenyaan yaaduun waa'ee odeeffannoo funaanuu qofa osoo hintaane dandeettii odeeffannoo hiikuu, ittifayyadamuufi bu'aa isaa tilmaamuu kan dabalatudha.

## Qordhimma

Hinsarmuun barataa yuunivarsiitii yommuu ta'u miidiyaaleen hawaasaa kan akka 'facebook' maatiifi hiriyyoota isaa iddoo garaagaraa jiraatan waliin wal arguuf tooftaa gaariidha jedhee amana. Akkasumas, hiriyyaa haaraa ummachuufis ta'e odeeffannoo argachuuf Hinsarmuun "facebook" qofa fayyadama. Akka hubannoo Hinsarmuutti odeeffannoon `facebook` irratti maxxanfamu hundi sirriifi dhugaadha.

## Hojii garee

Gaaffiilee armaan gadii irratti gareen mari'achuun dareef dhiyeessa.

1. Odeeffannoon `facebook` irraa argamu hundi dhugaafi faayidaa qabeessaa?
2. Odeeffannoon `facebook` irraa argamu hundi soba jettee amantaa?

Akka barataa yuunivarsiitiitti Hinsarmuun dhugummaa odeeffannoo mirkaneessuuf madda garaagaraa walbira qabee xiinxaluu qaba. Miidiyaaleen hawaasummaa kan akka "facebook" madda odeeffannooti. Haata'u malee, maddi odeeffannoo kun dhugaa ykn soba ta'uu danda'a. Sababiin isaa namoonni odeeffannoo sobaa "facebook" irratti maxansuufi tamsaasuu danda'u. Kanaaf odeeffannoo `facebook` irraa argamu sirnaan xiinxaluufi qaaccessuu dhabuun rakkoo hamaatiif nama saaxila.

Qordhimma armaan olii irraa wanti hubatamu; Hinsarmuun nama dandeettii gadfageenyaan yaaduu qabu miti. Sababni isaas odeeffannoo 'facebook' irraa argamu hunda osoo hinxiinxaliin fudhata.

**Gaaffilee Hubannoo**


1. Qordhimma armaan oliirraa maal hubatte?
2. Gadfageenyaan yaaduu dhabuun rakkoolee akkamii fiduu danda`a?

## 7.2. Barbaachisummaa Gadfageenyaan Yaaduu

**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- barbaachisummaa gadfageenyaan yaadu ni'ibsita;
- rakkoolee gadfageenyaan yaaduu dhabuun umaman nitarreessita;
- garaagarummaa odeeffannoo sirriifi odeeffannoo sobaa adda baasta.

Barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu maal?




Chartii: 7.1 Barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu

Gadfageenyaan yaaduu bu'aawwan hedduu qaba. Bu'aawwan kanneen keessaa gurguddoon kanneen armaan gadiiti.

### 1. Odeeffannoo sirrii ta'e argachuu

Odeeffannoo sirri ta'e argachuun barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu keessaa tokkodha. Kunis, odeeffannoo maddeen garaagaraa irraa argamu adda baasuun odeeffannoo sirriifi dhugaa ta'e mirkaneessuudha. Namni tokko odeeffannoo dogoggoraa irratti hundaa'ee murtoon dabarsu jireenya nama sanii ykn nama biroo miidhuu danda'a. Kanaafuu, odeeffannoo sirri ta'e odeeffannoo dhugaa hintaanee irraa adda baasuuf gadfageenyaan yaaduun barbaachisaadha.

## Qordhimma

Hiriyyaa kee irraa 'qormaata hatuun badii akka hintaane dhageessee jirta' haajennu. Karaa biraatiin immoo barsiistuun barnoota lammummaa qormaata hatuun badii guddaa ta'uu sibarsiistee jirti. Qormaata hatuun badii moo badii miti isa jedhuuf odeeffannoo madda adda addaa (hiriyyaafi barsiisaa) irraa argattee jirta. Kanaafuu, murtoo kennuu keetiin dura odeeffannoo isa kamtu sirriidha? kan jedhu adda baasuun barbaachisaadha. Kana mirkaneeffachuufis, barsiisotaafi barattoota biroo lama lama mana barnootaake jiran dabalataan gaafachuun yaada argatte walitti qindeeffadhu. Ragaaleekee irratti hundaa`uun odeeffannoon sirrii ta'e isa kam akka ta`e murteessi.

## Hojii garee

Qordhimma oliirratti hundaa'uun gaaffilee dhiyaatan irratti gareen mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Maddeen odeeffannookee lamaan keessaa kamtu sirriidha
2. Qormaata hatuun yakkamoo miti? Maaliif?

Barattootni dandeettii gadfageenyaan yaaduu hinqabne; odeeffannoo dogoggoraatiin murtoo dabarsu. Sababni isaas murtoon dabarsan odeeffannoo sirrii ta'e irratti kan hundaa'e miti. Kanaafuu, qordhimma armaan oliirratti akkuma baratte barataan qormaata hatu tokko qormaata hatuun badii akka hintaane sigorsus; hanni gocha badaa ta'uu maddeen adda addaarraa qulqulleeffachuun barbaachisaadha.

### 2. Gaaffileefi rakkoolee bu`uuraa hawaasaa adda baasuuf

Barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu keessaa tokko rakkoolee hawaasa keessa jiran adda baasuu; filannoowwaniifi carraalee jiran sakatta'u, isa bu'aa qabeessa ta'e filachuun yaada furmaataa dhiyeessuuf gargaara. Hawaasaa keessatti rakkoolee baay'een jiraachuu danda`u. Isaan keessaa muraasni rakkoolee kan akka tajaajila fayyaa, bishaan dhugaatii, daandii, geejjiba, barnoota, walqixxummaa koorniyaa, daa'imman hojii humnaa olii hojjachiisuufi kan kana fakkaatu fa`a ta'uu malu. Kanaafuu,

Atis akka barataa gadfageenyaan yaadu tokkootti rakkoolee hawaasaa naannoo keetti mul'atan adda baasuufi carraalee jiran fayyadamuun furmaata kennuu keessatti qooda sirraa eegamu bahachuu qabda.

### 3. Ijaarsa sirna dimookiraasiif

Barbaachisummaa gadfageenyaan yaaduu keessaa inni biroon, lammiilee dandeetti murtoo sababaan deggarameefi loogiirraa bilisa ta'e kennu goonfachisuun ijaarsa

sirna dimookiraasi akka dagaagu taasisuudha. Sirna dimokiraasii keessatti maddi aangoo siyaasaa ummatadha. Ummanni hoggantoota karooraafi tarsiimoowwan bu'aa qabeessa ta'an dhiyeessan xiinxaluufi madaaluun sagalee isaa kennuun ijaarsa sirna dimokiraasii keessatti shoora olaanaa qaba.

Kana malees, rakkooleen akka hiyyummaa, faalama qilleensaa, walitti bu'iinsa, sarbamu duudhaa hawaasaafi malaanmaltummaa hir'isuuf dandeettii gadfageenyaan yaaduu ummataa guddisuun murteessaadha.

## 7.3. Dandeettiiwwan Gadfageenyaan Yaaduu


**Ga'umsa barachuu yoo xiqqaate gonfatamuu qabu:**

- dandeetiwwan gadfageenyaan yaaduu ni'ibsita;
- maalummaa xinxalaa ni'addeessita;
- faayidaawwan gareen hojjachuu nitarreessita.



**1.**Gadfageenyaan yaaduun dandeettiiwwan akkamii barbaada?

**2.**Ati akka barataatti dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu qabdaa?




Chaartii: 7.2 Dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu


Gadfageenyaan yaaduun dandeettiiwwan gurguddoo afur qaba. Isaanis: xinxaluu, gareen hojjechuu, kalaqaafi rakkoo hiikuudha.

## 1. Xinxaluu

Xinxaluun dandeettii gadfageenyaan yaaduu keessaa isa ijoofi murteessaadha. Xinxaluu jechuun dhimma tokko ragaalee qabatamaa irratti hundaa'uun kallattii adda addaatiin qaaccessuufi madaaluudha.

Barannoo darbe keessatti odeeffannoon madda adda addaa irraa akka argamu barattee jirta. Fakkeenyaaf, hiriyyaan kee tokko nama kamiyyuu amantiin, afaaniin, aadaatiin, koorniyaafi bifaan otuu hinloogiin kabajuu akka qabdu sigorse haa jennu. Hiriyyaan kee inni biroon immoo maatii kee qofa akka kabajju sigorse. Yaada kanarraa akka hubannutti filannoo lama qabda. Filannoowwan lamaan kunis, namoota hunda garaagarummaa tokko malee kabajuu yookaan maatiikee qofa kabajuudha. Gorsi lamaan walqixa bu'a qabeessa moo miti isa jedhu adda baasuuf yaada lamaan walbira qabdee xinxaluun barbaachisaadha.

Yaadni namoota hunda kabajuun sirrii yoo ta'u; maatii ofii qofa kabajuu inni jedhu garuu yaada fudhatama hinqabnedha. Sababni isaa maatii ofii kabajuun gaarii ta`ee garuu maatii ofii qofa kabajuu inni jedhu namoota biroo kabajuun akka hinbarbaachifne agarsiisa. Yaadni garaagaraa akkanaa yoo dhiyaatu, isa dhugaafi soba ta`e adda baasuuf yaadota lamaanuu xiinxaluun barbaachisaadha.



Fakkii: 7.1 Gadfageenyaan yaaduu

## Qordhimma

Barattoota lamatu daree keessan keessatti waldhabe. Barattootni kunneen yeroo walitti bu'an barattoonni muraasni araarsuu osoo qabanii callisanii ilaalu. Akka yaada barattoota kanaatti walitti bu'iinsi barattoota kanaa humnaan hiikama jedhanii amanu. Barattootni kaan immoo waldhabdeen barattoota lamaanii mariidhaan karaa nagaatiin hiikamuu qaba jedhu. Haata'u malee, barattootni sun lamaan waldhabdee isaanii karaa nagaan hiikurra humna filatan.

### Hojii garee

Waldhabdeen barattoota lamaanii kun karaa kamiin hiikamuu qaba? Maaliif? Gareen mari'achuun dareef dhiyeessaa.

Waldhabdeen sababa garaagaraatiin barattoota gidduutti uumamuu danda'a. Haata'u malee, walitti bu'iinsi humnaan osoo hintaanee karaa nagaan hiikamuu qaba. Dhimma waldhabdee barattoota lamaanii armaan olii irratti ati akka baratаa daree sanaatti filannoo lama qabda. Kunis, calliftee ilaaluu yookaan waldhabdeen karaa nagaan mariidhaan akka hiikamu yaalii gochuudha. Yoo calliftee ilaaluu akka furmaataatti fudhatte murtoo dogoggoraa murteessite. Sababni isaas, walitti bu'iinsi barattoota kanaa miidhaa qaamaa geessisuufi adeemsa baruu barsiisuu jeequu danda'a.

Yoo barattoonni walitti bu'iinsa karaa nagaan mariidhaan akka hiikan gargaaruu filatte murtoo sirrii murteessite. Sababni isaas, humni walitti bu'iinsaaf furmaata ta`uu hindanda'u. Murtoon ati waldhabdee barattoota armaan olii hiikuuf fudhatte dandeettii gadfageenyaan yaaduun bu'aa gocha tokkoo xinxaluu qabaachuukee agarsiisa. Barattoonni dandeettii xinxaluu qaban bu'aafi miidhaa gocha tokkoo madaaluun tarkaanfii fudhatu. Barattoonni dandeettii akkanaa qaban miidhaa walitti bu'iinsaa dursanii hubachuun barattoota daree isaanii hubachiisuun walitti bu'iinsa barattootaa karaa nagaan akka hiikamu taasisu.

## 2. Gareen hojjachuu

Gareen hojjachuun faayidaa akkamii qaba?



Fakkii: 7.2 Barattoota gareen qo'ataniifi hojii garee hojjatan

Dandeettiin gadfageenyaan yaaduu inni biroon namoota biroo waliin hojjachuu danda'uudha. Milkaa'ina hojii kamuu keessatti gareen hojjachuun barbaachisaadha. Fakkeenyaaf, yoo barsiisaan hojii piroojeektii kennu barattootni gareedhaan hojjachuun bu'a ta'u. Akka miseensa gareetti waliigaluufi hariiroo gaarii barattoota waliin uumuun hojii kenname fiixaan baasuuf murteessaadha. Barattoonni garee keessa jiran ga'ee isaanii kallattii adda addaatiin yoo bahan; bu'aa hojii sanaarraa walqixa fayyadamoo ta'u.

Mana barnootaa keessatti barattootni yeroo hojii garee hojjatan dursanii karoora baafachuun, gahee walii qooduufi hojii kenname yeroon xumuranii galchuun irraa eegama. Hojii garee keessatti barattoonni hirmaatan hundi walqixa hirmaachuun yaadaafi hubannoo isaanii walii qooduun barbaachisaadha.

Hojii garee keessatti walitti qabaan garee yeroo hunda haala mijeessuufi hirmaattota garee isaa jajjabeessuun kaayyoo isaanii galmaan gahuuf fayyada. Kana malees, hoogganaan garee murtoo hirmaachisaa ta'e kennuun faayidaa gareen hojjachuu dagaagsuu qaba. Hojii garee keessatti waliigalteen murteessaadha. Kanaaf, gareen hojjachuu keessatti garaagarummaan yaadaa yoo jiraates, aadaa waldhageeffannaatiin sababa irratti hundaa`uun walamansiisuufi

faayidaa waloo garee irratti waliigaluun barbaachisaadha.

Gareen hojjachuun amaloota armaan gadiitti ibsaman nama goonfachiisa.

- waltumsanii hojjachuu;
- miira ittigaafatamummaa qabaachuu;
- Gahee ofii gummaachuu;
- yaada kennuufi fudhachuu;
- yaada, hubannoofi fedhii miseensaa kabajuufi
- Murtoo waloo keessatti hirmaachuu.

## Hojii manaa

1. Amaloonni gareen hojjachuu irraa maddan maal fa'i?
2. Rakkooleen gareen hojjachuu keessatti mudachuu danda'an maal fa'i?


## Qordhimma

Baruu-barsiisuu milkeessuu keessatti gareen hojjachuun murteessaa ta'uu barannoo darbe keessatti barattaniittu. Gareen kubbaa miilaa mana barnootaa kee keessa jiru garee kubbaa miilaa mana barnootaa biraa waliin yeroo taphatu daawwattee beektaa? Milkaa'insa garee kubaa milaa gummaacha taphattootni hundi taasiisanidha. Kana jechuun garee kubbaa miilaa keessatti taphataan tokko goolii galchuu danda'aa. Haata'u malee, goolii argamee kanaaf miseensoonni garee goolii eegaarraa kaasee taphattoonni hundi gummaacha niqabu. Akkuma garee kubbaa miilaa barattoonni hundi garee isaanii keessatti kaayyoo barbaadamu galmeessuuf waliin hojjachuun akka miseensaatti gahee kenname bahuu qabu. Gareen hojjachuu keessatti barattoonni karoorsuu, qindeessuufi tumsuu keessatti gahee olaanaa qabu.

## Gaaffii Hubannoo

Qordhimma kanarraa waan hubatte dareef qoodi.

### 3. Kalaqummaa



Fakkii:7.3 Dandeettii kalaqaa

Kalaqummaan dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu barattoonni gabbifachuu qaban keessaa isa tokkodha. Kalaqni yaada haaraa maddisiisuu yookaan furmaata rakkoo kanaan dura nama biraatiin hindhiyaanne qabatanii dhiyaachuudha. Fakkeenyaaf namni tokko sibiilaafi meeshalee gataman biroo irraa xiyyaara, konkolaataa, dirooniifi kan kana fakkaatu yoo hojjatee hojii kalaqaa ta'u agarsiisa. Atis akka barataa tokkootti daree barnootaa keessatti hojii siif kennamu irratti hundaa'uun yaada haaraa barattoota biroo irraa adda ta'e maddisiisuun hojjachuu sirraa eegama.

## Qordhimma

Barattoota daree tokko jiran soddomii shan keessaa baratataan tokko maatii harka qalleeyyii irraa waan dhufeef kitaaba wabii bitachuu hindandeenye. Kitaaba wabii kana qabaachuun ammoo barattoota hundaaf murteessaadha. Barataa kanaan ala kan jiran hundaaf maatiin isaanii kitaaba wabii bitaniifii jiru. Sababa kanaan barattoonni hedduun qabxii gaarii yoo galmeessan baratataan maatii harka qalleessaa kun garuu kitaaba wabii kana dubbisuu dhabuu isaatiin qabxii gadaanaa fide. Barattoonni darees kitaaba wabii baratataa kanaaf bituuf qarshii tokko tokko maatii isaanii gaafachuun qarshii barbaachisu walitti qaban. Qarshii walitti qabameen kitaaba wabii sana bituun rakkoo barataa kanaa furanii isas gammachiisanii ofiis gammachuu argatan.

## Gaaffilee Hubannoo

1.Qordhimma kanarraa waan hubattee ibsi.
2. Rakkoo hiikuuf yaada haaraa barattootaan dhiyaate akkamitti ilaalte?
3. Rakkoo Hiikuu




**Chaartii:7.3 Adeemsa rakkoo hiikuu**

Rakkoo hiikuun dandeettiiwwan gadfageenyaan yaaduu keessaa isa tokko ta'ee; dandeettii qabnu fayyadamuun danqaalee numudataniif furmaata kennuudha. Kunis, rakkoolee jireenya guyyaa guyyaa keessatti numudatan hiikuuf gahumsa rakkoo hiikuu qabaachuun barbaachisaa ta'uu agarsiisa. Fakkeenya rakkoo barattoota mudateefi adeemsa rakkoo hiikuuf hordofame armaan gadii ilaali.

## Hojii garee

Rakkoo hiikuuf adeemsoota hordofamuu qaban irratti gareen mari'achuu dareef dhiyeessaa.

## Qordhimma

Hiriyyootakee ati baay'ee jaallattuufi waliin qo'attu lamatu waldhabe. Atiifi hiriyyoonni kee Sababa hiriyyootnikee lamaan wal dhabaniif waliin qo'achuu hindandeenye. Waldhabdeen kun hariiroo hiriyyootakee waliin qabdu, adeemsaafi milkaa'ina barnootakee akka malee miidheera.

## Gaaffii Hubannoo

Walitti bu'insa hiriyyoota kee lamaan gidduutti uumame haala kamiin hiikuu dandeessa?

Rakkoo waldhabdee namoota gidduutti uumame kana hiikuuf itti deemuun dura loogiirraa walaba ta'uun barbaachisaadhaa. Haala kanaan, qordhimma olii keessatti waldhabdee hiriyootakee muudate hiikuuf adeemsa armaan gadi hordofuu qabda.

1. yaada hiriyyootakee lameenii dhaggeeffachuun madda waldhabdee isaanii adda baasuun barbaachisaadha,
2. filannoowwan yaada furmaataa waldhabdee kanaaf ta'u dhiyeessuu,
3. yaadota furmaataa dhiyaatan keessaa kan caalmaatti bu'a qabeessa ta'uufi hiriyyootakee lamaanuu waliigalchuu fudhachuun dhiyeessuu.

## Guduunfaa

Gadfageenyaan yaaduun dandeettii loogii irraa bilisa ta'anii maddeen odeeffannoo garaagaraa sakatta'uu, xinxaluufi murtoo sababaan deeggarame kennuudha. Kunis, oddeeffannoo maddeen adda addaarraa fayyadamuun murtoo bu'aa qabeessa ta'e kennu danda'uudha.

Dandeettiwwan gadfageenyaan yaaduu qabaachuun faayidaalee baay'ee qaba. Faayidaalee kunneen odeeffannoo sirri ta'e argachuu, rakkoofi gaaffii ummataaf furmaata barbaaduufi sirna dimokiraasii ijaaruuf gargaara. Kanaafuu, rakkoolee hawaasa keessatti sababa adda addaatiin uumaman kan akka sarbamuu mirgoota namummaa, safuun laafuu, waldhabdeefi kan kana fakkaatu hiikuuf dandeetiiwwan gadfageenyaan yaaduu kan akka xinxaluu, gareen hojjachuu, kalaqummaafi rakkoo hiikuu dagaagfachuun barbaachisaadha.

## Hiika Jechootaa

- **Xinxaluu-** dhimma tokko kallattii adda addaatiin madaaluu jechuudha.
- **Kalaqummaa-** waan haaraa tokko umuu yookiin yaada duraan turee foyyeesudha
- **Gadfageenyaan yaaduu-** odeeffannoo sirnaan xiinxaluun murtoo sababaan deeggarame kennuuti.
- **Rakkoo hiikuu-** adeemsa rakkoo mudateef furmaata kennuuti.
- **Gareen hojjechuu-** dhimma tokko irratti waltumsun hojjachudha.
- **Faayidaa waloo-** faayidaa waliinii.

## Gaffilee Keessa Deebii

**Kutaa I: Gaaffilee armaan gadii yoo sirrii ta'e 'Dhugaa' yoo sirrii hintaane 'Soba' jedhii deebisi.**

1. Maddeen odeeffannoo hundi amanamoodha.
2. Gadfageenyaan yaaduuf odeeffannoo kufachuun gahaadha.
3. Odeeffannoo qaacceessuufi xiinxaluu dhabuun miidhaa olaanaa qaba.
4. Gadfageenyaan yaaduun bu'aa baay'ee qaba.
5. Gareen hojjachuun barattootaaf gummaacha olaanaa qaba.

**Kutaa II: Gaaffilee armaan gadiif filannoowwan dhiyaatan keessaa deebii sirrii ta'e filadhu.**

6. Gadfageenyaan yaaduu ilaalchisee yaadni sirrii ta'e kami?

   A. Gadfageenyaan yaaduun odeeffannoo xiinxaluudha.

   B. Gadfageenyaan yaaduun dandeettii waa obsuu gabbisa

   C. Gadfageenyaan yaaduun ijaarsa sirna dimokiraasii dagaagsa

   D. Hunduu deebii dha.

7. Dandeettii gadfageenyaan yaaduu keessaa dhimma tokko madaaluu kan ibsu kam?

   A. Kalaqummaa B. Xinxaluu

   C. Gareen Hojjachuu D. Rakkoo Hiikuu

8. Dandeetti gadfageenyaan yaaduu ta'ee namoota biroo waliin hojjachuu kan agarsiisuu kami?

   A. Rakkoo Hiikuu

   B. Xinxaluu

   C. Kalaqummaa

   D. Gareen hojjachuu

9. Dandeettii gadfageenyaan yaaduu ta'ee yaada haaraa namoota biroo irraa adda ta'e maddisiisuu ibsu?

    A. Gareen Hojjachuu C. Xinxaluu

    B. Kalaqummaa D. Rakkoo Hiikuu

10. Dandeettii gadfageenyaan yaaduu kanneen keessaa danqaalee mudatan furuuf kan gargaaruu kami?

    A. Rakkoo Hiikuu C. Xiinxaluu

    ***B.*** Kalaqumma D. Gareen Hojjachuu